

Qaaccessa Afoolli Oromoo kitaaba barataa Kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessa jiru Dandeettiiwwan Dubbisuu fi Barreessuu Barsiisuu Keessatti Qabu

QORATAAN: ABDALLAA MUHAAMMAD

GORSAAN: DR. BIRHAANUUTAAKKALAA

Qorannoo Digrii Lammaffaa (MA) Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiin Guuttachuuf Qophaa'ee Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti Kenname

YUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI

MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Waxabajjii, 2011

ROOBEE BAALEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa digiriilamaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruu guuttachuuf Abdallaa Muhaammadiin mata duree "Qaaccessa Afoolli Oromoo Dandeettiiwwan Dubbisuu fi Barreessuu Kutaa 9ffaa Fi 10ffaa Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti Qabu" jechuun qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa_____Mallattoo ___ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo __Guyyaa _____

Ibsa Mirkaneeffannoo

A) Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uusaafi kanaan duras Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaatin ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

B) Barataan_____

Waraqaa qoraannoo isaa/ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaa/ishee muummeef galchuu danda'uu isaa/ishee ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Galata

Duraan dursee Rabbii guddaa qorannoon koo sadarkaa kana akka gahu naaf taasiseefgalatni isa haa gahu. Itti aansuun milkaa'ina qorannoo kootiif yeroo hundaa nuffii tokko malee fuula ifaan nasimachuun kan na qajeelchaa turan gorsaa koo Dr. Birhaanuu Taakkalaa galanni koo guddaadha.

Haaluma walfakkaatuun akka ani baradhee galma gahuuf osoo haala fayyaa mataa isheetiif hincinqamin qabeenyaafi yaadaan yeroo hunda kan na cinaa dhaabbachaa turte, haadha warraa kooHaliimaa Hasanootiif galata guddaan qaba.

Dabalataanis, manni baruumsa koo Eddoo sadarkaa lammaffaa, akkasumas barsiisota Afaan Oromoofi bulchiinsa manneen barumsa qorannoo kana irratti gaggeesse; Dodolaafi Hawwii Koo sadarkaa lammaffaa gargaarsa naaf gochaa turan hundaaf baay'iseen galatoonfadha.

Dhuma irratti firoottan koo keessaa akka baradhee galma gahuuf yaadaan, meeshaafi maallaqa na barbaachisuun isaan nacinaa dhaabbatan keessattuu Obboo Muhaammad Baammeefi Barsiisaa Abdulhayyi Awwal nan galateeffadha.

Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon faayidaa afoolli kitaabbilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argaman dandeettii dubbisuufi barreessuu ittiin barsiisuuf qabu xiinxalluu irratti xiyyeeffate. Kaayyoowwan qorannoo kanaa keessaa inni tokko faayidaa afoolli dandeettii dubbisuufi barreessuu gabbisuuf qabu xiinxalluudha. Qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo hammamtaa fi akkamtaatti fayyadamee jira. Haaluma kanaan hojiin qaaccessa qorannoo kanaa lakkoofsaafi jechootatti gargaaramuun kan raawwatameedha. Kanuma bu'uura taasifachuun odeeffannoo qabatamaafi amansiisaa ta'e tooftaa odeeffannoo funaanuu mata duree qorannoo waliin walsimu kanneen akka qaaccessa sakatta'a qabiyyee kitaabaa, bargaafii, afgaaffiifi daawwannaa daree gargaaramuun ragaaleen qorannichaa sassaabamaniiru. Odeeffannoon sassaabames akkataa walitti dhiyeenya isaaniitiin qoqooduudhaan qaacceffamanii jiru. Bifuma walfakkaatuun qorannoon faffaca'iinsa afoolaa boqonnaalee kitaabbileekutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti dandeettii dubbisuufi barreessuu gabbisuuf qabu sakatta'amee jira. Dabalataanis, bu'aaleen qorannichaan argaman akka mul'isanitti afoolli kitaabbilee kanniin keessatti dhiyaate dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa guddisuu, galmaan gahuuf bu'aan isaa olaanaa ta'uyyuu, akka kitaabichi ajajutti hojiirra oolmaan afoola kanneenii laafinna qabaachuutu mul'ata. Kunis, faca'iinsi gosoota afoolaa gara garaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu dagaagsuuf barbaadame gosoota akaakuu gara garaa qabu akkaataa hammateen kitaabilee keessa seenuu dhabuu, hanqina waytii barnootaaf ramadameefi xiyyeeffannoo kennuu dhabuu barattootaa rakkoowwan mul'ataniidha. Rakkoolee kanneeniif immoo, waytii barnootaa cinatti barattooni akka afoolatti gargaaramuun dandeettii dubbisuufi barreessuu akka shaakalan, akkasumas barsiisotaafi barattoota birattis itti fayyadama afoolaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu dagaagsu gama hundaanuu xiyyeeffannoo argachuu akka qabuu eeramee jira. Dhumarrattis, akkuma kitaabni barnootaa ajajutti afoola daree barnootaa keessatti hojiirra oolchuun afoola gara garaa kitaaba barataa keessa jiran akka dubbisan gochuun, isa irratti hundaahuun afoola walfakkaataa birroo akka barreessuu shaakalan gochuun kaayyoo dandeettii dubbisuufi barreessuu galmaan gahuuf bu'aa guddaa afoolli qabu ta'uusaa yaboo qorannoo kanaa jalatti eerameera.

Baafata

Fuula

Ibsa Mirkaneeffannoo ii
Galata iii
Axareeraa iv
Baafata v
Tarreeffama Gabateewwanii vii
JIBSO viii
BOQONNAA TOKKO 1
1. SEENSA 1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo 6
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree 6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa 6
1.5. Daangaa Qorannichaa 7
1.6. Hanqina Qorannoo 7
BOQONNAA LAMA 9
2. SAKATTA'A OG-BARRUU 9
2.1. Yaad-rimee Afoolaa 9
2.1.1. Maalummaa Afoolaa 9
2.2. Gooroowwan Afoolaa 10
2.2.1. Raagoowwan yookan seeneffamoota 10
2.2.2. Goorowwan Afoolaa gara garaa 11
2.3. Faayidaa fi Gahee Afoolaa 13
2.3.1. Faayidaa Afoolli Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu keessatti Qabu 14
2.3.2. Afoola Sirna Barnootaa Keessatti Hammachiisuu 16
2.4. Dandeeettii Dubbisuufi Barreessuu Afoolatti Gargaaramuun Guddisuu 17
2.5. Yaaxina Qorannoo Malleen Afaan Barsiisuu 18
2.5.1. Mala Dhiheenyaa Afaanii Bu'uurreffate 19
2.5.2. Mala Dhiheenyaa Ogummaa Afaanii Bu'uurreffate 20
2.5.3. Mala Dhiheenyaa Kalaqaa 20
BOQONNAA SADI 21
3. MALLEEN QORANNICHAA 21
3.1. Saxaxa Qorannichaa 21
3.2. Irraawwatama Qorannichaa 21
3.3. Maddoota Ragaalee 22
3.4. Iddattoo fi Mala Iddatteesssuu 22
3.5. Meeshaalee Ragaaleen Qorannoo ittiin Funaaname 23

3.5.1. Af- gaafii 23
3.5.2. Bar-gaaffii 23
3.5.3. Sakatta'a Qabiyyee Kitaabaa 24
3.5.4. Daawwannaa Daree 24
3.6. Mala Qaacceessa Ragaalee 24
BOQONNAA AFUR 26
4. QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE 26
4.1. Qaaccessa Ragaa Waliigalaa Odeeffannoo Kennitootaa 26
4.2. Dhiyaannaa Afoolaa Kitaaba Barataa Keessatti 26
4.3. Gosoota afoolaa Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyaatan 34
4.3.1. Gosoota afoolaa Kitaaba Barataa Keessatti argaman ilaalchisee hubannoo barattootaafi barsiisotaa 34
4.3.2. Gosoota Afoolaa Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi Kudhanaffaa Keessatti dandeettii barreessuu fi dubbisuu Barsiisuuf Dhiyaatan 38
4.2.3. Gilgaalota Afoola Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi Kudhanaffaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu irratti Xiyyeeffatu 40
4.4. Faayidaa Afoola kitaaba barataa keessatti dhiyaatan 42
4.4.1. Faayidaalee afoola dandeettii dubbarree dagaasan ilaalchisee hubannoo odeeffannoo kennitootaa 42
4.5. Hojiirra Olmaa Afoola Dandeettii Dubbarree Barsiisuu 46
BOQONNAA SHAN 52
5.1. Cuunfaa 52
5.2 Argannoo 54
5.3. Yaboo 55
WABIILEE 57
DABALEEWWAN i

Tarreeffama Gabateewwanii

Gabatee 4.1- Odeeffannoo kennitoota manneen barumsa sadarkaa Lammaffaa irraa filataman26
Gabatee 4.2: Afoolaa Oromoo Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti 27
Gabatee 4.3: Gosoota Afoolaa Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti 30
Gabatee 4.4: Akaakukuwwan Afoolaa Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti..... 34
Gabatee 4.5: Gosoota Afoolaa Dandeettii Dubbisuufi Barreessuu Dagaagsan 39
Gabatee 4.6: Gilgaalotaa fi Shaakaloota Afoolaa Kitaaba barataa keessatti Dhiyaatan 40
Gabatee 4.7: Faayidaa afoolaa Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argaman 43

JIBSO

Bardubbii- Afaan haasawaa barreeffama muraasaan ibsamuu danda'u.

Dub-barree- Dubbisuufi barressuu.

Dubbisa Senessaa - Gosa barreeffamaa kan ta'iinsa yeroo tokko keessatti raawwate yoom, eenyuun kan jedhu sababaafi bu'aadhaan qindeessee kan dhiyeessudha. Yeroo baay'ee seenaadhugaas kan asoosamaas nihaammata.

Ga'umsaan dubbisuu - Saffisaafi sirriummaadhaan dandeettiwwan akka hubannoo

qub-dhamsagaafi hubannoo dhamsagaatti gargaaramuun hubachaa dubbisuudha.

READ TA- Reading for Ethiopia's Achievement Developed Technical Assistance

BOQONNAA TOKKO

1. SEENSA

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Afoolli dameewwan fookloorii keessaa tokko ta'ee haala jiruu fi jireenya ilma namaa keessatti seenaa, eenyummaa hawaasaa, aadaa, duudhaa fi qaroomina ummata tokkoo kan ibsuudha. kana malees, afoolli afaanin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'ee amantii fi kabaja hawaasni tokko waan tokko irratti qabu kan agarsiisuudha.

Sabni Oromoo afaan isaa afaan barnootaa osoo hin ta’in dura qarooma isaa dhalootaa dhalootatti afoolaan dabarfataa asgahe. Yaada kana hayyoota adda addaa ragaa bahan keessaa muraasa yoo ilaalle, afoolli ogbarruun osoo hin turin dura kan tureefi eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf kan bu’aa qabuudha. Sababnisaas, afoolli qabeenya hawaasaa ta’utti dabalee haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisuudha. Falaasamniifi ergaan walfakkaataan afoola hunda keessa jiran duudhaawwan nama tokkorraa nama birootti barreeffamaan osoo hin taane, gochaafi yaada sammuun kan hawaasa tokkoo isa birootti lufanii asgahaniidha jechuun Beekan (2015:9) ibseera. Yaada kanarraa kan hubannu afoolli hojii kalaqa sammuu namaa keessaa tokko ta’ee, kan osoo ogbarruun barreeffamaa hin jalqabin dura yeroo dheeraadhaaf seenaa jiruufi jireenya ilmaan namaa wajjiin ture ta’uusaati.

Faayidaa fi uunkaawwan irratti hundaa'uun hayyoonni afoola dameewwan adda addaatti qoodu.Isaanis akka Misgaanuun (2011) ibsuttii kanneen bifa seenessuutiin darbankanneen akka sheekkoo, durdurii,baacoo, afseenaa yoo ta'an kanneen uunka gaggabaaboon mul'atan;hiibboo, mammaaksa fi jechamoota. Bifa afwalaloon kan dhiyaatan immoo, weedduu jaalalaa, weedduu hojii, faaruu loonii, geerarsa, sirba jaalalaa, sirba aadaa, fi kan kana fakkaatan fa'a.

Geetaachoo (2009:141) waa’ee faayidaalee afoolaa yoo ibsu, “Afoolli faayidaalee heddu qaba. Isaan keessaa ,aara itti galfachuu, ittii bashannanuuf ,akkasumas aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa. Kana malees, ogbarruufis madda ” jedha. Akkuma yaada armaan oliirraa hubatamutti afoolli bashannansiisuufis, seenaafi duudhaa hawaasa barsiisuufis akkasuma immoo darbee ogbarruu ammayyaatiifis

bu'uura yookaan ka'umsa ta'uusaa ifatti mul'ata. Yaaduma kana deeggaruudhaan Baddiluu (1996:6) Brumfit fi kanneen biroo (1986) wabeeffachuudhaan keessattuu biyyoota guddataa jiraniif ogbarruun sirna barnootaa isaanii keessatti hammatamuun guddinaaf gahee guddaa qabaachuusaa ibsa.

Barruufi kitaabileen sadarkaa manneen barnoota sadarkaa lammafaa keessa jiran akaakuwwan afoolaa gara garaa kanniin of keessaa qaba.Sababni qabiyyeen kunniin sirna barnootaa kana keessa galaniin kaayyoo gara biraatiif osoo hin taane Dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo kanneen akka dubbisuu, dubbachuu, barreessuufi dhaggeeffachuu barsiisuufi.Afoolli barsiisuu keessatti gahee inni qabu keessaa inni guddaan, bashanninsiisaa, gaaffi keessa galchuun,fkn kanneen akka hibboo, mammaaksafi baacoo faa nama kakaasuu keessatti shoora ol'aanaa taphatu.

Afoolli Oromoo guddina barnoota afaanichaaf iddoo olaanaa qaba. Barattoonni dandeettii dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, dhageeffachuu caaslugaafi ogbarruu gadi fageenyaan xinxalluun ogummaalee kanniin akka gabbifataniif gaheen afoolli taphatu guddaadha. Kaayyoowwan kunniin gama afoolaatiin walqabachuun qabiyyee kitaabichaa keessatti haalli isaan ittiin qindaa'an, gahumsiifi rakkoon jiru adda bahee kan qaacceffamuufi qabxiiwwan ijoo ta'an adda ni bahu.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas faayidaa afoolli dandeettii dubbarree gabbisuuf kitaababarataa barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa sakatta'uun qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uudhaaf kitaabbileen barataa kun kan maxxansa jalqabaa bara 2012 A.L.A qophaa'uun hanga ammaatti tajaajila kennaa jirutu qaacceffameera. Kanaaf, qorataan kunis qabiyyeewwan faayidaa afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu barsiisuun dhaamsa isaa qaaccessuun xiinxalee qorannoo isaa kangaggeessu ta'a.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Afoolli Oromoo guddina barnoota afaanichaaf iddoo olaanaa qaba. Barattoonni ogummaawwan dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaafi ogbarruu gadi fageenyaan xinxalluun ogummaalee kanniin akka gabbifataniif gaheen afoolli taphatu guddaadha. Kaayyoowwan kunniin gama afoolaatiin walqabachuun qabiyyee kitaabichaafi barnoota afaanii keessatti haalli isaan ittiin qindaa’an , gahumsiifi hanqini mul’atu ifatti bahee kan qaacceffamuufii hanqinaaleef yaada furmaataa jalatti kallattiin fooyya’iinsaa nikennama.

Barnoota Afaanii barsiisuu waliin walqabsiinee yammuu ilaallu keessumaayyuu dandeettiiwwanafaanii arfan keessaa dandeettii dubbisuu fi barressuu irratti hanqina guddaan akka jiru qorattoonni mul’isanii jiru. Akka Kaasaahun (2016) ibsutti qabiyyeen kitaaba barnoota Afaan Oromoof qophaa’e dendeettiiwwan Afaanii afran kana giddu galeeffatee qophaa’uun barbaachisaa akka ta’e ibsa.

Hojiirra oolmaa isaa yammuu ilaallu gruu, keessumaayyuu dubbisuu keessaatti barattootni dubbisanii gilgaalota dubbisa keessaa ba’aniif deebii sirrii kennuu hin danda’an yaada dubbisichaallee irraa deebi’anii ibsuuf baay’ee rakkatu, qormaata afaanii gocha dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuuirratti xiyyeeffatekeessatti qabxii gadi aanaa galmeessisan. Wayitii akka dubbisaniif barsiisaan ajajus dubbisuurra hojii biraa hojjechuu filatu. Dubbisuun ammoo wanta barreeffame sana ilaaluu osoo hin taane hubachuu yookan dha (Williams 1984:2).

Ka’umsi qorannoo kanaas, afaan barsiisuudhaaf gaheen firiiwwan afoolaa ol’aanaa waan ta’eef qabiyyeewwan afoolaa barnootichaa keessatti argaman gahee isaan galma gahumsa sagantaa barnootaafi hubannaa barattootaa cimsuu keessatti gama filannoo isaaniitiin maal akka fakkaatan addaan baasuun ibsuudha.

Qorannoo kana gaggeessuuf wanti qorataa kakaase inni biroo gumaacha afoolli dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuufqabu sakatta’uun waan barbaachiseefi. Keessattuu, barattoota manneenbarumsa sadarkaa Lammaffaa Godina Arsii Lixaa keessatti argaman akkaataan isaan itti barreessaniifi dubbisan rakkoo

akkaqabuu qorannoon Abdurrahmaan (2016) ifatti mul'isee jira. Kana jechuun rakkoon kuni akkanaan yoo itti fufe akka waan sirriitti fudhatamee itti fufuun afaanicha irratti dhiibbaa geessisa jechuudha. Rakkoon inni geessisaa jiru kan biroos, barattoonni dandeettii dubbisuufi barreessuu irratti rakkoo qaban wal dorgommii gaaffii fi deebii barattoota biroo wajjiin taasifamu irratti illee gahuumsi isaanii gadi aanaa ta'uu danda'a.

Waa'eeAfaan Oromoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu irratti qorannoon gara garaa hayyoota adda addaatingaggeeffamaa turee jira.Haata'u garuu hanga beekkumsa qorataattii waa'ee gumaacha afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu barsiisuuf fayyadu irratti qorannoon gaggeeffame hin jiru.

Qorannoo kanaan firoomina kan qabu kan qorattoota birootiin gegeeffame keessaa tokko kan Abdurrahmaan(2016) gegeessame tokko yoo ta'u afoolaa ogummaa afaanii gurguddoo afran barsiisuu qaaccessa irratti xiyyeeffachuun qorannoo isaa geegesse. Abdurrahmaan (2016) tti dandeettiiwwan afaanii afran walumatti qabee ilaaluu, kunimmoo keessaa faayidaa afoolli tokko tokkoo dandeettiwwan afaanii dagaagsuu keessatti bu'aan inni buusu maal akka ta'e gadi fageenyaan qorachuu keessatti rakkoo mataa isaa qabachuu danda'a. Qorataan qorataa kanaa garuu kitaaba kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti dandeettiiwwan afaanii afran keessaa lama (barreessuu fi dubbisuu) qofa filachuun xiinxallii kan geegesse.

Kanaafuu, guddina Afaan Oromootiif tumsa guddaa gochuuf ga'uumsi barattootni afoola Oromootti gargaaramuun dubbisuufi barreessuuf taasisan baay'ee murteessaa dha.kannin keessa ilmi namaa yoo gammadee waa hubachuurratti ol' aanaadha.Kana jechuun afoolli bashannanaa kanaaf baacoon, xiinxallaa barreessuufimmoo hibboofi mammaaksa fa'aa.Walumaagalatti afoolli afaaniin dhalootaa dhalootaatti kan darbuu yoo ta'u dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuudhaaf gumaacha ol'aanaa qaba.

Dandeettii dubbisuufi barreessuu akka gabbifataniif qabiyyeen afoolaan kitaabicha keessatti dhiyaate barattootatti kaka'uumsa kan itti horu akka ta'uuf xiyyeeffannoon guddaan kennamuufii qaba. Kana malees, yeroo ammaa kana aadaa ofii dagachuun,

dhiibbaa teekinoolojiitiini fi ammayyoomne jechuuufi kanneen kana fakkaataniin gosoonni afoolaa tokko tokko dagatamaa jiru waan ta'eef, kitaaba barnootaa keessa galuun immoo, afoolli aadaan ummata Oromoo kun akka hinbanneefis gargaarsa godha waan ta'eef qorataan qorannoo kana akka gaggeessuuf kakaaseera.

Gama tokkoon afoolli saba tokkoo sabicha bakka bu'ee dubbata. Dhimmi afaaniin dubbatamu gara barreeffamaatti jijjiiruun dhaloota itti aanuuf dabarsuun ergaa hin banne ta'ee jiraata. Kunimmoo Afoolli Oromoo ogbarruu Oromootiif faayidaa guddaa kan qabuufi dhaloonni kun kitaaba dubbisuun qeequufi seenaa darbee beekee kan har'aa immoo xiinxaluufi hubachuu qaba. Afoolli Oromoo kun hammam kitaaba Afaan Oromoo keessatti galuun dhaloota barsiisaa dhalootaa dhalootatti akkuma afaaniin daddarbaa ture kitaaba barnoota afaan Oromootiin daddarbaa jiru ilaaluunqaaccessuun baay'ee barbaachisaadha.

Walumaagalatti, afoola qarooma ummataa Oromoo ta'e kana barnoota afaanii keessatti galchuun yoo itti dhimma itti bahame akkaan kan deeggaramuudha. Haaluma kanaan afoolli Oromoo kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti dhiyaate haala kamiin dhiyaate, maaltu irraa hafe, akkamitti osoo dhiyaatee dandeettiiwwan dubbarree gabbisuuf filatama kanneen jedhaniif qorataan qorannoo kana adeemsisee jira.

Kanaaf, qorannoonkun gaaffilee gadiif deebii ni kenna jadhamee yaadamuu danda'a.

a) Afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu barattootaa gabbisu kitaabbilee barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti hangam hammatamee jira?
b) Gosoota afoolaa kitaabbilee barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti argaman keessaa isaan kamtu dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo ittiin barsiisuuf fayyadu?
c) Faayidaan Afoolli Oromoo dandeettii dubbisuufi barreessuu dagaagsuuf qabu maali?
d) Afoolli kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} keessatti aragaman dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota akka gabbisuuf akkamitti hojiirra oolaa jira?

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo qaaccessa afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu kitaabbilee barnootaAfaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} barsiisuu keessatti qabu muldhisuudha.

1.3.2. KaayyoowwanGooree

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaa:

a) Afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu barattootaa gabbisu kitaabbilee barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti hangam akka hammatamanii jiru adda baasuu
b) Gosoota afoolaa kitaabbilee barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti argaman keessaa isaan kamtu dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo ittiin barsiisuuf akka fayyadan adda baasuu
c) Faayidaa Afoolli Oromoo dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa dagaagsuuf qabu agarsiisuu.
d) Afoolli dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota dagaagsan kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti aragaman haala kamiin akka hojiirra oolaa akka jiran sakatta'uu

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun adeemsafi faayidaa afoolaan Oromoo dandeettii afaanii dagaagsuu qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Firiin qorannoo geggeeffamu kanarraa faayidaa afoolaan qabu waliin walqabatee jiru ifa gochuu bira darbee adeemsa afoolli itti raawwatamu ni addeessa.

Dabalataanis, qaamonni gara garaa bu'aa qoraannoo kanaa irraa fayyadamuu danda'an jedhaman barsiisota Afaan Oromoo, barattoota mana barumsa sadarkaa lammaffaa

kanneen Afaan Oromoo baratran, qorattootaafi hayyoota Oromoo gara garaati. Haaluma kanaan:

- Barsiisonni faayidaa afoolli barnoota afaanii keessatti qabu beekanii itti fayyadamaa jiraachuu isaanii addaan baasee ibsa; kanneen cinaatti faayidaa afoolli waabarsiisuu keessatti qabu ni eera,
- Maatiin faayidaa afoola irratti hubannoo qabu ni fooyyeessa, waantoota itti fayyadaminsa afoolaaf gufuu ta'an faa adda baasee ibsa.
- Darbees, namoota dhimma kanarratti qorannoo biraa geggeessuu barbaadaniif daandii saaqaaf, jedhamee abdatama.
- Dhumarratti, namoota waa'ee gumaacha afoolli dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo dagaagsuuf taasisu hin beekneef hamma tokko hubannoo ni kennaaf.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisuufi barreessuu malaafi tarsiimoolee gara garaatti gargaaramuun dagaasuun ni danda'ama. Haata'u garuu xiyyeeffannoon qorannoo kanaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu barattootaa afoolatti fayyadamuun fooyyessuu danda'amu irratti xiyyeeffata.Kanaaf, qorataan kuniis fuulleffannoo qorannoo kanaa kan ta'e afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu barattootaa dagaagsuuf qabu irratti qorannoo gaggeessuudha.

Haaluma kanaan gumaacha afoolli dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuufqabu kanas Aanaalee Godina Arsii Lixaa hunda keessatti otuu gaggeeffamee gaariidha. Haa ta'u malee, sababoota hanqina yeroo fi humna namaa irraa kan ka'e manneen barnoota sadarkaa lammaffaa (kutaa 9^{ffaa} -10^{ffaa}) kanneen Godina Arsii Lixaa keessatti argaman irraa manneen barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Magaalaa Dodolaa keessatti argaman (Dodolaa sad.2affaa fi Hawwii Koo Sad. 2^{ffaa}ti kan daangeffameedha.

1.6. Hanqina Qorannoo

Afaan Oromoo erga afaan barnootaafi ogbarruu ta'ee waggoota gabaabduudha. Yeroo gabaabaa kana keessatti ammoo, hojiileen ykn qorannoowwan afaanichaan hojjetamanii qorannoo kanaaf tumsa gochuu danda'an daran muraasa. Kun ammoo, qorataan jechootaafi wabiilee adda addaa akka barbaadetti fayyadamuuf gufuudha. Hanqinni

biroo hanqina baajataafi yerooti. Kanaaf, qorattichi hanqinootakanneen hunda wal-dandeessisee jechuunis, hanqina jechoota teknikaafi kitaabilee wabiitiin mul'atan hojiilee hojjetaman hamma argaterraa sakatta'uufi muuxannoo offiisaatii qabu gargaaramuun qorannoo kana gaggeesseera. Akkasumas, hanqina gama walirraa fageenya iddoofi gama yerootiin mul'atuufis waan hojjechuuf deemu sana itti karoorfatee akkaataa sagantaa isaatiin keessa bahee jira.

BOQONNAA LAMA

2. SAKATTA'A OG-BARRUU

2.1. Yaad-rimee Afoolaa

2.1.1. Maalummaa Afoolaa

Osoo barreeffamni hin jalqabin dura dhalli namaa ergaa isaa, yaadaafi fedhii isaa afaanin dabarsaa ture.Hambaawwan afaanii dhaloota tokkorraa gara dhaloota biraatti darbaa turan keessaa tokko “afoola”.Afoolli kalaqaa fi qorannoo dhaloota darbe ittiin hubannu daawwitii aadaati (Wasanee, 1998:1).

Kanaafuu, duudhaan yaada waliinii afoola keessatti argamu ta’ee waan nama tokko irraa nama biraatti darbuufi yaadachuudhaan yookan shaakalaan kan turuudha.Afoolli beekkumsa hawaasaa kan hawaasa keessaa maddee eenyummaa hawaasaa sanaa calaqqisiisuudha. Akkasumaas, kan afaaniin dhalootaa dhalootaatti kan darbuu fi kan dhalli namaa seenaa, aadaa, duudhaa, jaalala, jibbaa fi kabaja ofii ittiin ibsachaa tureedha.

Yaaduma kana ilaalchisee Dirribiin (1998) yoo ibsu, "Afoolli afaaniin dhaloota tokko irraa dhaloota itti aanutti kan darbu ta'ee calaqqee aadaa, duudhaa, seenaa jireenya hawaasichaa kan ibsuudha" jedha.Yaada kana irraa kan hubannu Afoolli daawwitii hawaasaa kan ummanni eenyummaa ofii ittiin ibsatuu fi seenaa jireenya ofii kan ittiin calaqqisiifatu ta'uu isaa nu hubachiisa.

Akkasumaas, Gumiin qormaata Afaan Oromoo (1993:84) Afoola yoo ibsu "Afoolli hambaa ummataa kan hawaasa keessaa burqu damee Og-barruu hin barreeffaminii ta'ee aadaa, seenaa fi falaasama dhalootaa dhalootaatti kan dabarsuudha"jedha.Yaada kana irraa kan hubannu Afoolli kan ummataa ta'uu fi kan falaasama jireenya hawaasichaa bal'inaan ibsu ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun Abarran (1998:93) Afoola yoo ibsu,"afoolli sadarkaa ummataa kan agarsiisuu fedhii, hawwii, gammachuu, gaddaa fi bu'aa bahii ilmoo namaa ifa kan godhu daawwiitii jireenyaa kan ta'e damee fookloorii keessaa isa tokkoodha"jedha.Yaadni kunis kan ibsu Afoolli akka damee fookloorii ta'ee fi haala

jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti ummanni akka dawwitii jireenyaatti kan keessatti ofilaalan ta'uu isaati.

2.2. Gooroowwan Afoolaa

Qorataan qorannoo kanaa immoo akka kaayyoo qorannoo isaaf mijatutti bifaafi unkaa qaban irratti hundaa'uun haala itti aanu kanaan qoqqoode.

2.2.1. Raagoowwan yookan seeneffamoota

Moggaasni 'raagamtaa' jedhu jechoota 'raagoo' fi amantaa' jedhaman irraa madde. Jechoota lamatu walitti camadame jechuudha. Asirratti raagamtaa yoo jennu waa'ee amantaa yookiin seenessuu yaadamu ofkeessatti akka hammatu hubachuu barbaachiisa. Jechi kun afaan Ingiliiziitiin 'myth' hiika kenname ta'uu isaa hin dagatamu. Moggaasni 'myth' jedhamu immoo jecha afaan Girikiitii 'mythos' jedhamurraa akka dhufe qorannoon hayyootaa ni mirkaaneessa. Kana ilaalchisee kitaabni 'Encyclopedia of Anthropology' yaada armaan gaditti xuqame nuuf kenna.

Raagamtaan amantaa, aadaafi falaasama uummataa waajjiin walsimata. Raagamtaan gosoota barnoota adda addaafi yaaxxinaalee adeemsa qorannoo keessatti maddan wajjiin walsimateeti hiikoota garagaraa argachuu ni danda'a. Raagamtaan adeemsa waliin jireenya hawaasaa keessatti osoo seerri barreefamaa hin uumamin dura falaasama, aadaafi w.k.f. kan ittiin walii qoodaa turan afaanin ta'uu isaati. Kana kitaaba wirtuu jildii 8ffaa irratti Mulugeetaan (1999:164) yoo ibsu "*Raagamtaan madda odeeffannoo akka ta'etti fudhatama. Aadaan barreeffamaa osoo hin dagaagin duras seenaan dhala namaa barreeffamaan osoo hin calqabamiin dura madda ragaa …*" jechuun kaa'a. yaada kanarraa kan hubatamu raagamtaan qabeenya hawaasaa kan hawaasni falaasama ittiin addeeffatu qabeenyaa abbummaa dhuunfaa hinqabne, garuu kan qabenyaa hawaasaa ta'e ta'uu isaati.

Karaa biroo guddinni saayinsiifi teknoloojii osoo hin babal'atin dura amantaan, falaasamni, aartiin, akaakuun mala jireenyaa kan ittiin hiika argachaa ture raagamtaan akka ta'e ni tilmaamama. Yaada kana Mulugeetaan yaada hayyuu "Joseph Cambell" jedhu fudhatee wirtuuu jildii 8^{ffaa} irratti yoo ibsu: *"Religious, Philosophies, arts the social forms of primitive and the storic man,prime discoveried in science and technology the very dreams that blister*

sleep boil up from the basic ring of myth" (1973:3) Raagamtaan kallattumaan amantaa irratti hundaa'ee kan raagamuu dha.

Amantaan immoo xiinsammuu, ilaalchaafi hubannaa namootaa irratti hundaa'a. Inumaayyuu hayyootni tokko tokko raagamtaan seeneffama amantaati jedhu. Fakkeenyaaf, *Leeming (2008:8) "mythic narratives are the social stories of religious*" jedha. Kana jechuun seenaa raagamtaa keessatti amantaan hawaasaa ulfina guddaa qabaachuu isaati. Karaa biraan hawaasni dhimma amantaa isaanirratti. Ilaalcha gaarii waan qabaniifi raagamtaan yemmuu dhimma amantaan walqabatu aadaa hawaasichaafi amantaa hawasichaa ammachuun kan seenessuudha.

2.2.2. Goorowwan Afoolaa gara garaa

Afoola akkaatuma isaatiin gosa gosatti qooduun ni danda'ama. Gosoota afoolaa kanneenis gosa gosatti qooduuf yeroo, bakkii fi haalli itti dubbataman ni murteessa.

Yaaduma olii kana ilaalchisee Zarihuun (1996) akka ibsutti, gosoonni afoolaa heedduudha.Akkuma garaa garummaa biyyaa fi garaagarummaa aadaatti gosoonni afoolaa haa jiraatanii malee baayyinni isaanii karaa sadihiin dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufanii jiru. Karaaleen kunis: bifa seenessuutiin, bifa qareeyyii yookaan uunka gabaaboon fi bifa walalootiin ta'uu isaati.

Bifa seenessuutiin kan darban kanneen akka sheekkoo, durdurii, baacoo, afseenaa faadha. Bifa uunka gabaaboon yookaan qareeyyiin kanneen darban immoo hiibboo, mammaaksaa fi jechamoota faadha. Bifa walalootiin afoolonni darban kunneenis sirba cidhaa, faaruu aadaa, weedduu jaalalaa, weedduu loonii, geerarssa, mirrigssaa fi kankana fakkaatanfaadha jechuun ni danda'ama.

Yaaduma kanaan wal fakkaatuun Soofiyaa fi kanneen biroo (1999:21) yoo ibsitu afoolli Oromoo gosa heedduu kan qabuudha. Isaan kunis warreen bifa seenessuutiin dhihaatan sheekkoo, durdurii, baacoo, af-seenaa yoo ta'u kanneen bifa uunka gabaaboon dhihaatan immoo mammaaksa, jechamootaa fi hiibboodha. Kanneen bifa walalootiin dhihaatanis: weedduu jaalalaa, weedduu hojii, weedduu gaa'elaa, faaruu loonii, sirba jaalalaa, sirba

aadaa, geerarssaa fi afoolli Dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuufa'a maqaa dhahuun ni danda'amajechuun ibsite.

Kunniin armaan gadii gosoota afoolaa keessatti unkaawwan gaggabaaboo jedhama.

i. **Mammaaksa**: "Mammaaksi dubbii fida ykn dubbii fixa; ittoon soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee, hin mi'aayu; gamnatti ni fuulchu, gowwaatti ni himu" jedha Oromoon. Chinua Achebe *"proverbs are the palm oil with which words are eaten" (in Things Fall Apart 1962:6).* Mammaaksi baay'ee jaalatama. Beekumsa garee tokkoo mul'isa. Gabaabinaafi miidhaginaan beekamu. Jechoota muraasa filachuun fayyadama. Qiyyaafannoofi xiyyeeffannoo dandeettii qooqaa mul'isu fayyadama. Himamsa iddeessaa waan ta'aniif raawwiiyookan muuxannoo tokkoon wal qabsiisanii dhugaa mul'isu. Haaluma walfakkaatuun Gaaddisaan (1991:90) yoo ibsu:

> *Mammaaksi gabaabbina saatiin,qalbii namaa fudhachuu saatiin ,dhageettitti toluu saatiin,bifaan walfakkaachuu saatiin hundarraayyuu dubbii cimtuu ibsuu saatiif ummata biratti hima baay'ee jaalatamuufi beekamu mammaaksi akkam yoo gabaabbate jechoota lamaan himama.Kanaafuu mammaaksi jecha tokkoo hin jiru.Mata dureen murtaaye yoo hin barbaachifnellee mammaaksi waayeen haasayan jiraatu malee hin himamu.Waayeen irratti haasayanis kan qalbii nama fuudhu ta'ee yoo wal caqasaa haasa'anii ta'uu ni mala.Yeroo kana namoonni waldhaban kana amansiisuuf mammaaksa dubbii saanii laalu kan filatan waan ta'eef jaarsummaan kun mata duree gaarii ta'a.*

Falaasama hawaasaa kan yaada gad fageenyaa qabuufi dhimma cimaaf fayyada. Keessumaa lola araarsuu keessatti iddoo guddaa qaba.

ii. **Hiibboo**: Tapha jechootaan taphatamu ta'ee, kan ruqiileen shaakala dandeettii sammuufi jechaa sadarkaa adda addaa keessatti wal makate. Gumii qormaata Afaan Oromootiin biiroo aadaafi beeksisa Oromiyaa hiibboo yoo ibsan:

> *Hiibboon muxannoo bara dheeraa labataa labatatti afaaniin darbaa dhufeedha.Hiibboon bilchina sammuu mirkaneessa; maalummaa saba tokkoo hubachiisa;baattuu daddaaqaafi mimmiliqaa as gaheedha. Hibboon ilaala qaroomummaati*.(1992:VIII)

Hiibboon himamsi himamee kan dhaggeeffataan deebii barbaadu. Inni deebisu buusee baasee himamsa hiika yaada dhokataa sanaaf ta'u barbaada. Hiibboon yeroo dheeraa

fayyadamuun booda sadarkaa ciminaa kana gonfate. Jireenyaafi uumamas kan baay'ee gad fageenyaan xiinxalle. Bashannansiisuufi taphachiisuuf bu'aa guddaa qaba.

iii. **Geerarsa**: Warquun (2001:10) akka ibsetti, geerarsi afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee sababa adda addaatiin ifa baha.Yeroo duulaa, hojii gamtaa, bineensota gurguddoo ajjeessanifi mana hidhaa galanii quuqqaan itti dhagahamuufi wkf akka geerraramu ibsa.

iv. **Af-walaloo**

Af-walaloon hawaasa dubbisuu yookiin barreessuu hindandeenyeen yookiin immoo danda'uun walaloo qindeeffamee afaaniin darbuudha. Af-walaloos akka Fennegan (1970) qoqqooddetti; faaruuwwan, afwalaloo gaddaa ykn du'aa, af-walaloo adamsituu, af-walaloo marartee, af-walaloo siyaasaa, uruursa daa'immanii.

2.3. Faayidaa fi Gahee Afoolaa

Afoolli faayidaa hedduu qaba. Faayidaa afoolaa keessaa inni guddaan ummanni keessumayyuu kan qubeen hin barreessine seenaa, addaa, haala jireenyaa, faalaasama fi siyaasaa akkasumas, sadarkaa guddina diinagdee saba saanii ittiin dhalootatti dabarsata. Akkasumas, ittiin bashannana; hawwii isaa ittiin ibsata; ittiin aarii isaa baha. Faayidaan inni biraa immoo, faayidaa guddaa kan ta'e barruuf (*written literature*) madda ta'uudhaan tajaajila (Melakneh, 1999). Gama biraatin akka Fiqaadee (1991) ibsetti, hojii afoolaa dimshaashatti qooda gurguddaa shanitti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis: hojii waa ibsuu, hojii waa jajjabeessuu fi gadi dhaabuu, hojii waa miliquu, hojii waa barsiisuufi hojii waa to'achuuti.

Afoolli jiruufi jireenya ilma namaa keessatti gahee guddaa qaba. Ummatni tokko Ogbarruu mataa isaa yoo hinqabaanne, seenaa dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf, barnoota afaanniffaan ittiin kenname, jireenya hawaasaa; aadaa, duudhaa, seenaa, amantaafi kabajni hawaasni tokko waan tokko irratti qabu ibsuuf afoolli yeroo heddu madda ta'uudhaan kan tajaajiluudha.

Afoolli gaaffilee bu'uuraa ka'aniif deebii kenna Dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota isaaf hingalle maraaf deebii argachuu barbaada. Waa'ee uumamaafi asdhuftee wantoota uumamaa baruuf gaaffilee garaa garaa nikaasa.Fakkeenyaaf, Gaangeen maaliif dhala dhabde? Samiin maaliif nurraa olfagaate? Gaaffilee jedhan deebisuu keessatti afoolli nitajaajila (Misgaanuu, 2011).

Kana malees, Afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuufi guddisuu keessatti bakka olaanaa qaba. Kana ilaalchisee, Fiqaaden (1991), Afoolli sirna barnootaa guddisuufi miidhagina itti dabaluuf gahee olaanaa akka taphatu ibsee jira. Akka inni jedhutti afoolli jiruuf jireenya hawaasa tokkoo cimsuu bira darbee gama barnootaatiin gahee olaanaa qaba. Kunis barumsi kannamutti miidhagina dabaluun fudhatamummaa isaa guddisa.

Dabalataanis, Finnegan, (1970:16) gama isheetiin afoolli tokko tokko jalaa bahuuf mala taasifamu keessatti tajaajilli inni qabu olaanaa akka ta'e kaasti. Akkasumas, afoolli beekumsa cimsuuf, aadaafi afaan guddisuuf, seenaa galmeessuufi jaalala hawaasummaa agarsiisuuf nifayyada. Afoolli dhimmoota gara garaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati.Kunis, baruuf barsiisuu cimsuu, hawaasa jidduutti waliin jireenya gaarii uumuuf, wantoota raawwatamaa turan deebii isaanii yaadachiisuuf, seenaa, aadaa, falaasamaafi safuun hawaasaa eegamee akka turuuf barbaachisaa ta'uu hubanna.Walumaagalatti, afoollijiruuf jireenya hawaasichaa, keessatti faayidaalee akkawaa ibsuuf, jajjabeessuufi gadi dhaabuuf, miliqsiisuuf, barsiisuuf, too'achuuf, miidhagina dubbiitiif, faayidaa calaqqisuutiif, yaada bal'aa guduunfuuf kkf.ni tajaajilu.

2.3.1. Faayidaa Afoolli Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu keessatti Qabu

Afoolaan ijoolleen carraa sagalee, dhamjecha, caasluga, hiikaafi kanneen kana fakkaatan akka baran carraa bal'aa uummaaf. Akkasumas, dandeettii waaqaaccessanii ilaaluu barattoota sadarkaa barnootaa adda addaarra jiraniiif kan uumuu ta'uusaa agarsiisa. Keessumaa afoolli ijoollota reefu afaan baraa jiran carraa afaan baruu ba'aa uumaaf. Kana malees, dandeettii sagaleewwan addaan baafachuullee ni uumaaf (Masarat, 2016).

Mitikkuu, (1991:177) yaada kana yammuu deeggaru, "dandeettii afaanii dagaagsuuf, ijoolleen sagaleewwan afaan isaanii keessa jiran nibaratu, caasaa himoota afaanichaafi seera haasawaa nibaratu" jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu, ijoolleen dandeettii dubbisuufi barreessuu dagaagsuuf qabata afoola tiin baruu akka danda'aniidha. Akkasumas, dandeettiiwwan afaanii arfan keessattuu, dubbachuu fi dhaggeeffachuu barachuuf carraa guddaa uumaaf.Haaluma walfakkaatuun hayyuun Mayring (2000:56) akka kanatti kaa'a

"Folklore is rich in themes and symbols which can stimulate the students to exercise the listening, speaking, reading and writing skills." Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti foklooriin barattoota si'aayinaan ykn kaka'umsaan akka baratan taasisa. Akkasumas, dandeettiiwwan afaanii afranis akka gabbifataniif isaan gargaara.

Afoolli ammo hawaasni jiruuf jireenyasaa keessatti beekumsa ganamaa gargaaramuun osoo hinbaratiin dandeettii uumamaan waan mul'ataafi hinmul'atne kalaquun itti gargaaramudha.Akkasumas, sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruuf jireenyasaa, heeraafi seerasaa, falaasamaafi hoodasaa, duuchumatti, ilaalcha addunyaarra jiru kanaaf qabu dhalootaa gara dhaloota itti aanutti akka dabarsuuf afoolli shoora guddaa qaba (BABO. 1991, Jildii 4). Kanaafuu, afoolli aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogumafi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa waan qabuuf barnoota afaanii yookiin afaan barsiisuurraa adda baasanii ilaaluun rakkisaadha. Yaada kana ilaalchisuun Briton et al (1989:56) akka ibsetti;

> *Integration of literature and language teaching has several benefits. For example, students can gain knowledge of vocabulary, grammar and paragraph structure, interactive communication skills and types and style of writing. Besides, because literature is a valuable language tool (with authentic texts), it can help learners increase their motivation, explore prior knowledge and promote literary development.*

Yaada armaan olirraa kan hubatamu, afoolli amala midhagaa waan qabuuf afaan ittiin barsiisuun faayidaa hedduu qabaachuu isaati. Fakkeenyaaf, barattonni beekumsa jechootaa, seerlugaafi caasaa keeyyataa akka gonfataniif, dandeetti waliigaltee akkasumas gosaafi akkaataa barreessuu akka guddifataniif gargaara.

2.3.2. Afoola Sirna Barnootaa Keessatti Hammachiisuu

Afoola qabiyyee gosa barnootaa adda addaa keessatti hammachiisuun haaraa miti.Afoola hammachiisuun ogeeyyii barnootaa garagaraa hedduu biratti, barattootaaf akka bu'aa qabuutti fudhatama. Raawwiin kun barattoota sadarkaa umrii gara garaarraa, hawaasummaa, aadaa, dinagdeefi sadarkaa barnoota gara garaarra jiran deeggara (Moyer, 2000). Fakkeenyaaf, Mohr (2004) barattoonni af-lamee, afoola qabiyyee barnootaa keessatti hammatamerraa, odeeffannoo fayyadama jechoota furtuu ta'aniifi yaad-rimee argachuun fayyadamtoota akka ta'an ibsa.

Gosoota barnootaa afaanii dabalatee barnoota biroo keessattis barattoonni seenessoota matadureewwan barruu kanaan walqabatan akka dubbisaniif deeggaramuu qabu.Darbees, kitaabileen og-barruu fakkiilee miidhagoo kanneen odeeffannoo waabeekaafi hirmaachisaa taasisan fayyadamu.Fayyadamni og-barruu odeeffannoofi beekumsa mata-dureetti dabaluufis nitajaajila (Shortifaa, 2016). Afoola sirna barnootaa keessatti hammachiisuun;

- Dagaagina fi guddina afaanii deeggara. Barattoonni wayita seenessa dubbisaniifi dhaggeeffatan jechoota haaraa baratu. Jechoota dubbii caalaa jechoota gosa qabiyyee barnootaa hedduu akka baran taasisa (Honig, Diamond fi Gluthlohn, 2006).
- Barattoonni muuxannoo bal'aafi afaan qabiyyee barnoota gara garaa keessatti tajaajilaman gabbifatu.
- Dubbisuufi barreessuu deggara: Kitaabilee gara garaa (seenessaa, ibsaa fi akaakuwwan og-barruu biroo bal'inaan dubbisuun dagaaginaafi dandeettiilee dubbisuufi barreessuu barattootaaf gumaacha guddaa qaba) (Hong et-al, 2006).

Walumaagalatti, yeroon barattoonni dubbisuurratti dabarsan, dagaagina dubbarree keessatti gahee qaba.Barattoonni yeroo dubbisan yaada, yaad-rimeefi beekumsa haaraatti saaxilamu. Kanarraa kan ka'e, barattoonni barruu walxaxaa gosa barnootaa dubbisuuf qophaa'u. Durduubeefi fayyadama jechootaa, dagaagina barnootaaf barbaachisu niqabaatu.Turtii mana barumsaa keessa barattoonni dandeettii dubbarree fooyyeeffachaafi barnootaan guddachaa deemu. Karaa birootiin, dubbistoonni laafoon deeggarsa hin arganne immoo dubbisuuf carraaqoo, dubbisoota ulfaatoo hubachuuf hedduu dhiphatu.Og-barruu qulqullina

qabu dubbisuuf, barattootaaf yeroo kennuun, caaccuulee sagantaa dubbarree ga'umsa qabuufi sirna barnootaa keessatti hammatamuu qabudha.

Dubbachuu barattoonni walfalmiiwwan, af-gaaffiiwwan, gahee tapahachuu, fakkeessa gochaalee, dhiheessa do'iiwwanii, dhiheessa daree yookaan dhiheessa dubbii keessatti akka hirmaatan gaafachuu nidanda'u. kun barattoonni dandeettii dubbii afaanii akka shaakalan ni dandeessisa.

2.4. Dandeeettii Dubbisuufi Barreessuu Afoolatti Gargaaramuun Guddisuu

Dandeettii afaanii afoolatti gargaaramuun barattoonni akka dagaasan barbaadamu keessaa inni tokko dandeettii dubbiisuuti. Kunis keessattuu afoola barreeffamaan taa'ee jiru tokko barattoonnii irra deddeebi'anii akka dubbisuu shaakalaniif isaan gargaara, kunimmoo kan ta'u afoolli gara garaa fedhii barattoonni dubbisuuf qaban dagaasuuf si'aayina isaanii waan kakaasuufi (Xaahaa fi Hurrumee, 2016).

Ogummaan dubbisuu jiruuf jireenya keessattis ta'ee barnootarratti milkaa'uu wajjiin wal qabata. Sababiinsaas, barnoota tokko hubachuuf otoo hin dubbisin fiixaan bu'umsi hin jiru. Waldhaansoo jireenyaakaraa hundumaan cufame keessatti furtuuf odeeffannoo nu barbaachisa. Kun ammo dubbisuu irraa argama.Jiruu keenya keessatti guyyaa guyyaatti odeeffannoo argachuuf, galaalchaafi barruulee adda addaa dubbisna. Dubbisuun hubannoo fi beekumsa wanta dubbifamee qabatamaatti akka jijjiiru nu gargaara.

Gama birootiin dandeettiin barreessuu salphaa dhumatti kan argamu osoo hin taane obsa guddaa kan gaafatuu fi shaakala yeroo dheeraa kan gaafatuudha.Yaadumaa kanarra ka'uun dandeettiin barreessuu shaakala walirraa hin cinneenkan guddiffamu fi seerota eeguun kan fooyyeffamuudha. Kaniin keessaa inni tokko afoolatti fayyadamuun dandeettii barreessuu barattootaa kan ittiin dagaagfamuudha.

Malli barreessuu kalaqaajedhamuun beekkamu barattoonni yaada tilmaama (imagination) fayyadamanii barreeffama tokko ittin qopheessaniidha. Kun fakkeenyaaf, barreeffama oduu durii/seenessa/, barreefama diraamaa, walaloo, gazeexeessuu, fi wantoota asoosama hin ta'iin illee kan of keessatti hammatuudha. Malli kun barattoonni beekumsa isaanii qabatamaan akka agrsiisaan kan gargaaruudha.

Akka Taakkalaan qorannoo isaa keessatti kaa'uuf yaaletti kaayyoon dandeetti barreessuu barsiisuu akka haala armaan gadii kanaan ibsu yaaleera. Kaayyoon dandeetti barreessuu barsiisuu namni tokko fedhii keessa isaa jiru bifa barruutiin nama biroof dabarsuu yookin yaada ofii yookiin ilaalchaa mataa ofii nama birootiif gargaaru waan ta'eef isaa ibsee jira(1999:5). Kanaafuu, kaayyoon barreessuu nama tokko karaa odeeffannoo nama biroof dabarsuu kan danda'e horachuuf.

Dandeettiiwwan afaanii jiran afran keessaa barreessuun isaa baay`ee ulfaataa fi guutumaan guututti barreessitoonni of jala oolchuu hin danda`nidha. Akka haayyuun Smiz (1982) jedhutti

> *"Barreessuu dubbisuuf akka barreessaatti of fudhachuudhaan barreeffama malee barreessuun rakkisaadha, kanaafuu, barreessuu barsiisuurra akka abbaan ofii isaatii baratuu jajjabeessutu filatama."*

Barreessuun dandeettiiwwan afoola ittiin tursiisnuu fi dhaloota itti aanutti ittiin dabarsinu keessaa isa ijoodha. Akkuma barreesitoonnii afoola afaaniin daddarbaa as gahan kana barreeffamaan teechisaa jiran kanattii, barattoonnis afoola hawaasa isaanii keessa jiru kan barreefamee hin taa'in barreessuun afoolicha dhaloota itti aanutti ceesisuun cinaatti dandeettii barreessuu isaanii illee akka dagaagfataniif isaan qarqaara.

Dandeettii barreessuu cimsachuufis shaakalli yeroo dheeraa kan gaafatuu dha. Dandeetti kanaas kan cimsannhu kallattidhuma tokkoo qofaani miti. Kan cimsannu tooftaawwan adda addaa fi mala garagaraatti fayadamuudhaani. Kunis, akka Tashoomaa mojula isaa (1998:210) keessatti ibsutti "dandeettii barreessuu kan cimsatan barsiisaa waliin walmari`achuudhaa fi kitaabolee barreessuurratti barreeffaman dubbiisuun hubbanannoo argachuu dha" jedha. Gama birootiin afoola dhalootaa gara dhalootattii bifa afaanitiin daddarbaa turan barreeffamaan teechisuu keessatti gahuumsi namootni dandeettii barreessuu isaanii ittiin cimsatan keessaa isa tokkoodha.

2.5. Yaaxina Qorannoo Malleen Afaan Barsiisuu

Malleen afaan barsiisuu bifa adda addaa qabachuun isaa beekkamaadha. Akka Richardisfi Rodgers (1986:14) tti malli afaan barsiisuu karaa yookaan tooftaa qabiyyeen barumsaafilatamee ittiin barattootaaf darbuudha. Malli kun qabiyyee kaayyoo barumsa

afaanii hojiirraoolchuu dandeessisuudha. Adeemsa afaan baruufi barsiisuu keessatti mala barsiisuu filachuun itti fayyadamuun dhimma iddoon guddaan kennamuufii qabuudha. Sababni isaas malli barsiisuu bu'a qabeessummaafi bu'a dhabeessummaa qabxii barattootaa ni murteessa. Fakkeenyaaf malli barsiisuu barsiisaan fayyadame barattoota kan hawwatuufi kan hirmaachisu akkasumas, kan kakasuu yoo ta'e, qabxiin barattootaa fooyya'uu danda'a. Yoo immoo barattoota kan hin hawwanne, hirmaachifneefi hinkakaafne ta'efiriin barattootaa fooyya'uu dhiisuu danda'a. Qabiyyeen barnootaa tokko kitaaba keessatti yemmuu qophaa'uufi kutaa barnootaa keessatti yemmuu dhiyaatu mala afaan barsiisuu akkamii akka barbaachisu xiyyeeffannoo kennuufiin murteessaadha.(Richardsfi Rodgers,1986:1516) Malleen afoolaan afaan barsiisuun ittiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee afoolli kitaaba barnoota afaaniifi kutaa barnoota afaaniitiif filatamu malleen armaan gaditti dhiyaatan bu'uurreffachuun akka barbaachisu hayyoonni ragaa bahu.

2.5.1. Mala Dhiheenyaa Afaanii Bu'uurreffate

Mala afoolli afaan bu'uura godhamuun ittiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee Lazar (1993:22-27) wantoota shanan itti aanan kaa'eera.

i. *Akkaataa ogummaa afaanii gurguddoo dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbisuu danda'urratti hundaa'uun dhiheessuu.*
ii. *Afoola akka dirree qorannootti barsiisuuf kan bu'uureffate ta'uun dhiheessuu.*
iii. *Akkaataan (stylistics) ta'uun ykn haalaan qophaa'uu.*
iv. *Hirmaannaa dhuunfaa kan gabbisu (Oral literature for personal enrichment)*
v. *Gahee barumsi afoolaan qabu ilaalchisee kan dhiyaate ta'uu qaba.*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, adeemsa barumsa afaanii keeessatti kaayyoo barumsa afaanii galmaan gahuuf malli dhiheenyaa hordofuu qabnu jiraachuusaati. Qorataanis qorannoo isaa kana keessatti kan ilaale ogummaa afaanii gurguddoo barattoota gonfachiisuuf nifayyada kan jedhameefi mala ogummaa afaan bu'uura godhachuun dhiyaatuudha.

2.5.2. Mala Dhiheenyaa Ogummaa Afaanii Bu'uurreffate

Malli dhiheenyaa ogummaa afaanii bu'uureffate afoola fayyadamuun afaan barachuun walitti dhufeenya afaaniifi afoolaa akkasumas ogbarruu kaayyoo barumsa afaaniitiin walitti fiduuf gargaara. Kunis barattoonni beekumsa afaanii barumsaaf dhiyaatee akka gabbifataniif gargaara (Lazar, 1993). Malli dhiheenyaa ogummaa afaanii gabbisuu kun xiyyeeffannoon isaa afoola akka dirree qorannootti qorachuu miti. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan afoola kitaaba barnoota afaaniifi barumsa afaanii keessatti akkamitti itti fayyadamuun akka danda'amurrattiidha.

Hojiileen kalaqaa adeemsa itti fayyadama ogummaa afaanii waan si'eessaniif akka madda afaan barsiisuutti akka oolaniif haala kan mijeessaniidha. Dabalataanis, hojiileen kalaqaa marii garee kutaa keessaatiif carraa waan kennaniif, barattoonni ogummaa afaanii hundaanuu keessattuu, dubbachuufibarreessuurratti dammaqinnaan hirmaannaa hoo'aa akka taasisaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf immoo afoolli afaan barsiisuuf filatamanii kitaaba barnootaa keessatti hammataman ogummaa afaanii dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuuf kan mijaa'an ta'uu qabu. (Lazar, 1993:27)

Karaa biraatiin Brumfitifi Carter (1986:110) akka ibsanitti barattoonni yeroo hundumaa gosa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti dhiyaateef tokko irratti ibsa gahaa kennuuf qophaawoo waan hin taaneef haala qaabatamaarraa ka'uun ibsa kennuu kan dandeessisuufi hojiilee ogummaa afaanii bu'uura godhachuun qophaa'an dursanii barachuu qabu.Yaaddolee armaan olitti dhiyaatanirraa hubachuun akka danda'amutti tokko tokkoon malleen dhiheenyaa kaayyoo barumsa afaanii kan galmaan gahuu danda'amu yoo ta'e filatama. Kanas gochuun kan danda'amu haala mijataa afoolli kitaaba barnootichaa keessatti hammatameefi qophiifi hordoffii barsiisaan afoolaan ogummaa afaanii barsiisuuf taasisuunidha.

2.5.3. Mala Dhiheenyaa Kalaqaa

Barnoota afaanii keessatti mala kalaqaa jechuun yaaddolee ogbarruu kalaqaa waliin bifa waliif firoomuutiin afaan dubbiifi barreeffamaa fayyadamuun kaayoo barumsa afaanii yaadame galmaan gahuuf mala barumsaa hojiirra oole jechuudha (Ibson, 199). Haaluma walfakkaatuun mala kalaqaatiin afaanbarsiisuun ogummaa afaanii barataan akka gabbifatu

irraa eeggamu ilaalchisee yemmuu ibsu: dandeettii itti fayyadama afaanii barreessuufi haalaafi dirree barumsa kamuu keessatti fiixaan bahiinsa argachuuf qooda olaanaa qaba. Kanarraa kan ka'e waytii barsiisuu tokkotti dandeettii walii galtee (communicative competence) gabbisuuf gargaara. Kitaabaafi barumsa afaanii keessatti hiika jechoota barbaaduun, ogummaa afran afaanii (dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu) walitti kan hidhuudha.

BOQONNAA SADI

3. MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoon kun mala qorannoo makaa fayyadamuuun gaggeeffama. Malli kun malleen hammamtaa (quantitative) fi akkamtaa (qualitative)of keessatti hammachuun kan gaggeeffamuudha. Akka Addunyaa (2011) qorannoon walmakaan wa'ee gaafilee bu'uraa irratti fakkii waliigalaa akka qabaataniifi haala gaariidhaan qorannoo geggeessuuf fayyada.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamu gosa qorannoo ibsaa (descriptive research) tti kan fayyadamuudha. Kunis, afoolaa Afaan Oromoo dandeettiiwwan afaanii dagaagsuun yemmuu sakatta'uufi xiinxalaman ragaalee maddoota qorannichaatti fudhachuun ta'a.

Haallii qindaa'ina qorannoo kanaa immoo, adeemsa qorannoo makoo /mixed research/ hordofuun kan qaacceessameedha. Malli kuni mala akkamtaafi hammamtaa (lakkoofsaa) waliin fayyadama.Sababni adeemsa kana akka hordofu ta'eefis qorataan haala ragaan ittiin funaanameef argamerratti hundaa'uun malleen qorannoo akkamtaafi ammataatti fayyadamuun ragaa argame bakka itti dhiyeessitee fi qindeessite waan mul'ataniif. Ragaan qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo irraa argame mala qorannoo akkamtaan ibsameera. Akkasumas, ragaan afgaaffii barsiisotaa irraa argame mala qorannoo akkamtaan kan ibsame yoo ta'u, ragaan argame amanamummaan akka yaadni barattoota irraa kennametti qaaccessameera.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti irraawwatamtoonni kitaabaa barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa, yaadannoo barattootaa, barattoota kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa iddattoof filatamaniifi barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa sadarkaa lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Kootii.

3.3. Maddoota Ragaalee

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaaf gargaaramu madda ragaa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaadha. Maddi sadarkaa tokkoffaa kunis barattoota mannneen barumsa sadarkaalammaffaa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} Godina Arsii Liixaa Aanaa Dodolaa (mana barumsa sadarkaa lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Koo sad 2^{ffaa}) keessatti baratan yoo ta'u, barsiistota Afaan Oromoowaa'ee afoolaa fi dandeettiiwwan afaanii dub-barreeirratti hubannoo cimaa qaban kanneen manneen barnoota sadarkaa lammaffaa kanniin keessatti argaman irraa odeeffannoo funaannachuun qorannoon kun geggeeffamee jira.

3.4. Iddattoo fi Mala Iddatteesssuu

Qorataan qorannaa kana geggeessuuf akaakuu iddattoo carraakeessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffatamaa kan fayyadame. Barattoota daree filataman 16n keessatti argaman top-ten keessatti argaman keessaa bifa saalaan walmadaaleen barattoota sadi fudhachun hanga walumaagalatti manneen barnoota sadarkaa lammaffaa lamaan keessaa barattooni 48 mala iddatteessuu mit-carrraa kayyeffatamaa (purposeful sampling) kanaan filatamanii jiru.

Qorannoon kunmanneen barnoota sadarkaa lammaffa lamaan filachuuf immoo mala iddaattessuu kaayyeffatamaa fi barsiisotaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa}jiran hunda filachuuf iddatteessuu mit-carraa hamma argee ("available sampling") jedhamuun beekkamutti fayyadamuun barsiisonni hundinuu gaafatamtoota ta'uun filatamaniii jiru. Sababni isaas barsiisota odeeffannoo kennitoota dhimmichi kallattiin isaan ilaallatu irraa ragaalee qorannoo murteessaa argachuun qorannoo kana galmaan geessuun barbaachisaa waan ta'eefidha.

Qorannoon kun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa}irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaafuu, sakkata'iinsa kanaaf gosa iddattoo miti-carraa keessaa iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun qoratichi dhimmicharratti odeeffannoo irraa argadha

jedhe murteessera. Haaluma kanaan, kitaabileen akka iddatootti haammataman kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaakan bara 2012 (A.L.A) maxxanfamaniidha

3.5. Meeshaalee Ragaaleen Qorannoo ittiin Funaaname

Meeshaaleen fuunaansa ragaa qorannoo kanaa Bar-gaaffii, Af-gaaffii, fi sakatta'a qabiyyee kitaabichaa odeeffannoo funaannamuudha.

3.5.1. Af- gaafii

Af-gaaffiin meeshaalee odeeffannoon itti funaannaman keessaa tokko ta'ee kan qorataa fi odeeffannoo kennaan fuulleetti wal arganii odeeffannoo kan ittiin walii keennaniidha (Schaefer (1998:45). Kanaaf, qorataan af-gaaffii fayyadamuun odeefannoo gahaa fi quubsaa ta'e argachuu kan danda'a.

Qorataan qorannoo kanaas, kana hubatee af-gaaffii fayyadamuun barsiistota Afaan Oromoo waa'ee afoolli dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuuf beekan torban irraa af-gaaffiin odeeffannoo isaa kan funaannaman.

Af-gaafiin caaseffamaa qopheessuun barattoota 48 iddattoof filatamaniif dhiheessuudhaan akka isaan dubbisuu irratti yaada gumaachan godhamee jira. Akkasumas hanqinni barattoonni kundandeettiiwwan afaaniidubbisuu irratti qaban caalmaatti adda baasuuf barsiisoota Afaan Oromoo jiraniif dhiheessuun deebii akka itti kennan taasifamee jira. Yaada barsiisonni kennan keessaa qabxiilee ijoo yaadannoo isaa irratti qabatee jira.

3.5.2. Bar-gaaffii

Barattoonni fi barsiisonni madda ragaa ta'anii filataman kunniin dhimma dubbisuu irratti yaada qaban sodaa tokko malee akka guutaniif bar-gaaffii daangahaa fi banaa of kessatti qaban qopheesuun akka guutan kan godhameedha. Kunis afoolatti gargaaramuun dandeettii dubbarree barachuudhaan walqabatee deebii gaafannoo irratti guutamu irratti gumaacha qaba. Kanaafuu odeefkennitoonni ofeeggannoon gaaffii kanniin guutuu danda'an argachuuf bifuma karoorfameen, barattootaafi barsiisota birattis gaaffilee barreeffamaa bifa filannootiin dhiyaatanis ta'ee gaafilee yaada dabalataa gaafatanis guutuun deebisanii jiru.

3.5.3. Sakatta’a Qabiyyee Kitaabaa

Odeeffannoo kallattii lamaan armaan olitti funaannaman gabbisuuf jecha malli ragaalee funaanachuuf qorataan gargaaramuuf barbaade inni sadaffaan ammoo mala sakatta’a qabiyyee (“content analysis”) kitaabichaati.

Kitaaba barattoota kan kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} afoola dandeettii barreessuufi dubbisuuf gumaachan hangama akka of keessatti hammataamanii jiran sakatta’uun odeeffannoo barbaachisaan funaannamee jira. Kunis jalaqaba irratti qabiyyeewwan afoolaa kitaabbilee kana keessatti argaman adda baasuun, ergasii qabiyyeewwan afoolaa kanniin keessaa kan dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa dagaagsan qofa keessaa filachuun akkaatuma gosa isaanitiin garee gara garaatti qooduun qaaccessaaf akka tolutti qindeeffamee jira.

3.5.4. Daawwannaa Daree

Qorattichi qorannoo kanaa cheekliistii daawwannaa qopheeffachuun ennaa barsiisaan Afaan Oromoo afoolatti gargaaramuun dandeettii dubbisuufi barreessuu barsiisuu daawwachuun dandaa’amee jira. Kaayyoon daawwannaa kanas barattoonni daree keessatti hangam afoolatti gargaaramuun dandeettii dubbarree akka barataa jiran sakatta’uufi. Kunimmoo hanga danda’ameen barsiisaa Afaan Oromoo daree sanaa wajjiin dursa mari’achuun yeroo qabiyyeen barnootaa qorataan barbaadu argamuuf malutti haala mijeeffachuu kan gaafate ture.Dabalataan eddoo carraan hin argaminitti dabtara Afaan Oromoo barattootaa illee sakatta’uun raawwii dhimma afoola dandeetti dubbarree barsiisan kanaan walqabatu kan isaan yaadannoo irratti qabatanii turan illee jiraachuun isaa xiyyeeffannoon dhimma afoolaa kanaaf akka kennamee jiru qorataan akka galtee tokkotti itti fayyadamee jira.

3.6. Mala Qaacceessa Ragaalee

Qorataan qorannoo kanaa qabiyyee afoolli dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuuf fuunaannatee kan qaaccessuudha. Qaaccessa isaa kanaas, afoolli dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu Afaan Oromoo barsiisuuf af-gaaffii, bar-gaaffiifi sakatta’a qabiyyee funaanname argate irratti hundaa'uun kan qaaccesssee jira

Odeeffannoon tooftaa hammamtaa (lakkofsaan) funaaname gabateen kaa'uun, Dhibbantaa (%) nfi avareejii hiika itti kennuunraawwatamee jira.

Odeeffannoon tooftaa akkamtaatiin funaanamu ammoo walitti dhufeenya yaadaa isaan qabaniin addaan qooduun kenneen walfakkaatan walitti fiduun jechoota isaaniin bakka bu'uu danda'u gadi fageenyaan xiinxaluun qaacceffamee jira.

BOQONNAA AFUR

4. QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE

Kutaanqorannoo kana jalatti kutaalee qaaccessa ragaa waliigalaa odeeffannoo kennitootaa, qaaccessa odeeffannoowwan bargaaffii fi afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo fi barattoota kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa mana barumsa sadarkaa lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Koo irraa argame, qaaccessa odeeffannoowwan kitaaba sakatta'uun funaannaman, qaaccessa odeeffannoowwan daawwannaa dareetiin argame fi jechuun addaan qoqqoodamee haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

4.1. Qaaccessa Ragaa Waliigalaa Odeeffannoo Kennitootaa

Odeeffannoo kennitoonni madda ragaa qorannoo ta'an, ragaan barsiisotaafi barattoota mana barumsa Dodola sadarkaa lammaffaa fi Hawwii Koo sadarkaa lammaffaa gabatee armaan gadiitiin dhiyeessee jira.

Gabatee 4.1- Odeeffannoo kennitoota manneen barumsa sadarkaa Lammaffaa irraa filataman

T.L	Maqaa Mana barumsaa	Kutaa	Baayina Daree	Daree Eddattoo	Baay'ina Barattootaa			Eddattoo			Baay'ina Barsiisotaa		
					Dh	Du	Ida'a	Dh	Du	Ida'a	Dh	Du	Ida'a
1	**Hawwii koo**	9ffaa	3	1	106	113	219	1	2	3	2	-	2
		10ffaa	3	1	95	78	173	2	1	3			
		Ida'a	6	2	201	191	392	3	3	6			
2	**Dodola**	9ffaa	20	7	748	652	1400	11	10	21	5	-	5
		10ffaa	20	7	595	537	1132	11	10	21			
		Ida'a	40	14	1343	1189	2532	22	20	42			
Ida'ama Waliigala			46	16	1544	1380	2924	25	23	48	7	-	7

Ragaan odeeffannoo kennitootaa gabatee armaan olii irratti dhiyaate akka muldhisutti Manneen barumsa Sadarkaa 2ffaa Magaalaa Dodolaa keessatti argaman (Dodolaa sad.2ffaa fi Hawwii Koo Sad. 2ffaa) irraa barsiisota 7 fi barattoota 48 madda ragaa qorannoo kanaa gochuun kan funaannadheedha.Barsiisotni Afaan Oromoo manneen barnootaa lamaan keessa jiran akkauma jiranitti eddattoo ta'anii filatamanii jiru

4.2. Dhiyaannaa Afoolaa Kitaaba Barataa Keessatti

Mata duree waa'ee argamiinsa afoolaa kitaaba barataa ilaallatu kana jalatti ragaaleen qorannoo tooftaa bargaaffiitiinbarsiisota Afaan Oromoo irraa argaman akkasumas sakatta'a qabiyyee kitaabbilee barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa irraa argametu duraa duubaan dhiyaata.

Dhiyeessii afoola gara garaa kitaaba barataa keessa jiruun walqabatee "*Afoolli dandeettiiwwan (skills) dubbisuufi barreessuu of keessaa hammate gochaalee kitaaba kam keessa jira?"* gaaffii jedhuuf deebisni barsiistoota Afaan Oromoo kennan akkaataa armaan gadiitiin qindaahee jira.

Gabatee 4.2: Afoolaa Oromoo Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti

Qabiyyeewwan Gaaffii		Barsiisota (N=7)						Barattoota (N=48)					
		Mul'istuu Waliigalamuu	Lak	%	Mul'istuu J/G gadii	Lak	%	Mul'istuu Waliigalamuu	Lak	%	Mul'istuu J/G gadii	Lak	%
Eddoo argamiinsa Afoolaa Kitaaba barataa keessatti	A. Dubbisa keessatti	DO	2	28.6	GA	1	14.3	DO	16	33.3	GA	5	10.4
		OL	3	42.9	DGA		0	OL	21	43.7	DGA	0	0.0
		JG	1	14.3	HJ		0	JG	6	12.5	HJ	0	0.0
		Ida'ama	6	85.7	<GA	1	14.3	Ida'ama	43	89.4	<GA	5	10.4
	B. Gilgaalota keessatti	DO	1	14.3	GA	1	14.3	DO	8	16.6	GA	8	16.6
		OL	2	28.6	DGA	1	14.3	OL	13	27.0	DGA	7	14.6
		JG	1	14.3	HJ	1	14.3	JG	6	12.5	HJ	6	12.5
		Ida'ama	4	57.1	<GA	3	42.9	Ida'ama	27	56.2	<GA	21	43.7
	C. Shaakala dandeettiiwwan gara garaa keessatti	DO	1	14.3	GA	2	28.6	DO	6	12.5	GA	14	29.1
		OL	1	14.3	DGA	1	14.3	OL	6	12.5	DGA	6	12.5
		JG	2	28.6	HJ		0	JG	14	29.1	HJ	2	4.2
		Ida'ama	4	57.1	<GA	3	42.9	Ida'ama	26	54.1	<GA	22	45.8
Afoolli kitaaba barataa kana keessa seenan barattoonni dandeettii barreessuufi dubbisuu akka itti shaakalan kan godhuudha?		DO	2	28.6	GA	1	14.3	DO	13	27.0	GA	5	10.4
		OL	2	28.6	DGA	1	14.3	OL	14	29.1	DGA	2	4.2
		JG	1	14.3	HJ		0	JG	14	29.1	HJ	0	0.0
		Ida'ama	5	71.4	<GA	2	28.6	Ida'ama	41	85.3	<GA	7	14.6
Afoolli kitaaba keessatti hammataman kunniin muxxannoo barattoonni kanaan dura qaban kan gabbisuudha?		DO	3	42.9	GA	1	14.3	DO	21	43.7	GA	3	6.2
		OL	2	28.6	DGA		0	OL	14	29.1	DGA	2	4.2
		JG	1	14.3	HJ		0	JG	7	14.6	HJ	1	2.1
		Ida'ama	6	85.7	<GA	1	14.3	Ida'ama	42	87.4	<GA	6	12.5
Afoolli kunniin barattoonni dubbisuufi barreessuu akka waliin baratan kan jajjabeessuudha?		DO	2	28.6	GA	1	14.3	DO	6	12.5	GA	5	10.4
		OL	2	28.6	DGA	1	14.3	OL	14	29.1	DGA	3	6.2
		JG	1	14.3	HJ	1	14.3	JG	12	25.0	HJ	8	16.6
		Ida'ama	4	57.1	<GA	3	42.9	Ida'ama	32	66.6	<GA	16	33.3

Furtuu- *DO= Daran ol'aanaa, OL= ol'aanaa, JG= Jiddu galeessa, GA=Gadi aanaa, DGA= Daran gadi aanaa, HJ=hin jiru, <GA mul'istuu gadi aanaafi isaa gadi kan ta'e*

Akkuma gabatee-4.2 armaan olitti argamu irratti ifatti dhihaatetti "Afoolli dandeettii afaanii dubbisuufi barreessuu of keessaa qabu qabiyyee kitaabichaa kam keessa jira?" gaaffii jedhuuf barsiisonni fi barattoonni filannoowwan sadan kennaman (dubbisa, gilgaala, shaakla) keessaa yoo xiqqaate lama filatanii jiru. Haaluma kanaan, barsiisota gaafataman torba keessaa barsiisotni 6(85.7%) fi barattoonni 43(89.4%) afoolli dubbisa kitaabichaa adda addaa keessatti akka argamu ibsan, barsiisonni 4(57.1%) fi barattoonni 27(56.2%) afoolli gilgaalota kitaabichaa akka argamu yoo mirkaneessan barsiisonni 4(57.1%) fi barattoonni 26(54.1%) afoolli gochaalee barattoonni kitaabicha keessatti akka shaakalaniif dhiyaate gara garaa keessatti akka dhiyaate waliigalanii jiru.

Kanarraa kan hubachuun danda'amu qabiyyee hunda keessatti afoolli dandeettii dubbarree barattootaa gabbisu dhihaachuun bu'aa mataa ofii qaba. Fakkeenyaaf yoo afoolli kun dubbisa keessatti dhiyaate barattoota sissi'eessa, yoo gilgaala keessatti dhiyaate dandeettii barattoonni waan dubbisan hangam akka hubatan iyyaafachuuf qarqaara; akkasumas shaakaloonni adda addaa kan dubbisa duraafi boodas dhiyaatan barattoonni dubbisa dura dhimmicha irratti hangam hubannoo akka qaban barreessuu danda'u, kan dubbisa booda dhiyaatu irrattis waan dubbisa keessaa hubataniin cinaatti afoola saniin walfakkatu barbaadanii akka dubbisaniif shaakala gara garaatti dhimma bahuun ni danda'ama.

Gaaffii barsiisotaafi barattootaa dhiyaate inni biroo immoo *"afoolli kitaaba barataa kana keessa seenan barattoonni dandeettii barreessuufi dubbisuu akka itti shaakalan kan godhuudha?"* kan jedhu yoo ta'u, deebisni odeef-kennitoonni kennan akka agarsiisutti barsiisotni 5(71.4%) fi barattoonni 41(85.3%) kan irratti waliigalanii jiru. Kunis kan

mirkaneessu kitaabbilee Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessattis afoolli dandeetti dubbarree barattootaa dagaagsuu danda'u kan hammachiisame ta'uu isaati. Haata'u garuu odeef-kennitoonni yaada kana morman jiraachuun isaanii hin oolle; barsiisotni 2(28.6%) fi barattoonni 7(14.6%) yaada kana irratti osoo hin galin hafanii jiru.

Gaaffii *"afoolli kitaaba keessatti hammataman kunniin muxxannoo barattoonni kanaan dura qaban kan gabbisuudha?"* jedhuuf deebiin barsiisotni kennaniifi barattoonni kennan baay'ee kan walitti dhiyaateedha. Kunis, barsiisotni 6(85.7%) fi barattoonni 42(87.4%) afoolli kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti hammataman kunniin muxxannoo barattoonni kanaan dura qaban akka dagaagsu mirkaneessanii jiru. Kunis kan mul'isu afoolli kitaabbilee Afaan Oromoo kanniin keessa seenan duraanuu kan hawaasa keessaa bahaniifi kan aadaa hawaasichaa calqqisan ta'uu isaaniti. Kunimmoo fedhii barattoonni qabiyyee barnoota kaka'uumsa ol'aanaan akka baratan kan kakaasuudha.

Dhumarratti *"afoolli kunniin barattoonni dubbisuufi barreessuu akka waliin baratan kan jajjabeessuudha?"* gaaffii jedhuuf deebisni odeeffannoo kennitoota a kan muldhisu barsiisotni 4(57.1%) fi barattoonni 32(66.6%) *afoolli kunniin barattoonni dubbisuufi barreessuu akka waliin baratan kan jajjabeessuudha jedhanii jiru*. Kunis kan mul'isu afoolli kitaabbilee Afaan Oromoo kanniin keessa jiran barattoonni kallatti gara garaatiin akka waliin baratan kan deeggaru jedhanii jiru. Odeefkennitoonni yaada kana morman barsiisota keessaa 3(42.9%) fi barattoota keessaa nama 16(33.3%) kan ta'u yoo ta'u, deebiin kun kan nama hubachiisu dubbisuufi barreessuun hojii gamtaa qofa osoo hin taane hojii dhuunfaa ofiitiin illee gaggeeffamuu danda'u ta'uu isaati.

Yaada kana ilaalchisee Baddiluun (1996) akka ibsetti yoo ta'e afoolli hirmaannaa dhuunfaa barbaadan dandeettii barreessuu barattoota kanniin guddisan akkasumas afoolli barattoonni ofii isaanii gocha raawwattoota godhanii akka ilaalan taasisa. Bifa walfakkaatuun afoolli akka tapha ijoollee, hiibboo, durdurii ta'e yoo barattoonni dubbisan hirmaattota akka ta'an kan isaan godhuudha.

Kanatti aansuun ragaalee qorannoo mala bargaaffiitiin funaanname qaaccessame gabbisuuf jecha afoolaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi Kudhanaffaa

Keessatti Argamanii Mul'isuuf jecha bu'aan qaaccessa qabiyyee kitaabbilee kanniinii haala armaan gadiitiin dhiyaata.

Akka odeeffannoon qaaccessa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaarraa argame mul'isutti gosoonni afoolaa kitaabicha keessatti argaman sakatta'amanii akka itti aanutti gabateen mirakaneeffannoo qophaa'uun ibsamaniiru.

Gabatee 4.3: Gosoota Afoolaa Kitaaba barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti

T.L	Gosoota Afoolaa	Kutaa	Mata duree afoolli kun jalatti argamu	Fuula
1	Maalummaa Afoolaa	9^{ffaa}	Shaakala maalummaa fi gosa Afoolaa	7
			Shaakala mammaaksaa, hibboofi durdurii	157
			Yaadannoo Afoola Oromoo, Ogwalaloo	158
2	Weedduu Cidhaa	9^{ffaa}	Dubbisa "Addooyyee" jedhu	16-18
			Gilgaala 6- Shaakala dubbisa boodaa	19-20
			Dubbisa Garaa Walitti Nahe "Asooyyee sooyyee"	162-164
			Shaakala Dubbisuun boodaa	166
		10^{faa}	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'elaa	38
			B. Sirba Gaa'ela	135
3	Faaruu Daa'immanii	9^{ffaa}	Barabnnoo 4- Dubbisa "Faaruu Daa'immanii" jedhu	150-151
			Gilgaala 6- Shaakala Faaruu Daa'immanii	152
4	Tapha Ijoollee	9^{ffaa}	Yaadannoo Tapha ijoollee, fi seera tapha hiibboo	82
			Gilgaala 6- Shaakala Tapha ijoollee	82
		10^{faa}	Dubbisa " Toltuufi Hiree Ishee " jedhu keessatti	41
5	Eebba	10^{faa}	Dubbisa " Toltuufi Hiree Ishee "jedhu keessatti	41
			Dubbisa " Guddifachaa" jedhu keessatti	103
6	Mammaaksa	9^{ffaa}	Shaakala Mammaaksaa	7-10
			Yaadannoo Mammaaksaa	10-11
			Gilgaala 6 -Shaakala Sirna Tuqaalee	122
			Gilgaala 2-Shaakala Yeroo dubbisuu	165
			Gilgaala 6-Shaakala mammaaksa	170-171
		10^{faa}	Gilgaala 4 Shaakala Ogbarruu	44
			Gilgaala 6 Shaakala Mammaaksaa	116

			Gilgaala 5 Shaakala Mammaaksaa	131
7	Jechamoota	9ffaa	Gilgaala 4-Shaakala Jechamootaa	168
		10faa	Dubbisa " Burqaafi Dureettii " jedhu keessatti	49
			Gilgaala 10 Shaakala Jechamaa	145
			Barannoo 2 Afoola Shaakala Jechamootaa	152
			Gilgaala 4 Shaakala Jechamootaa	163
8	Geerarsa	9ffaa	Yaadannoo Geerarsaa	74
			Gilgaala 7 Shaakala Afoolaa Geerarsa	74
		10faa	Barannoo 3 Afoola Geerarsa	63
			Dubbisa " Gaabbii " jedhu keessatti	160
9	Weedduu Jaalalaa	9ffaa	Faaruu Jaalalaa	158
		10faa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133
			Afoola Oromoo Weedduu Jaalalaa	134
10	Hiibboo	10faa	Gilgaala 9 Shaakala Hiibboo	144
			Gilgaala 6 Shaakala Hiibboo	155
			Yaadannoo Hiibboo	156
11	Dur durii	9ffaa	Barannoo 6- Shaakala Durdurii	92
			Oduu durii "Harreefi Saree" jedhu	93-94
			Gilgaala 13- Shaakala Sheekkoo	94
		10faa	Dubbisa " Dur Durii" jedhu keessa	139
			Gilgaala 5 Shaakala Sheekkoo	152
			Leencaafi Re'ee	153
12	Faaruu Loonii	9ffaa	Dubbisa "Faaruu Loonii" jedhu	156-157
			Shaakala Dubbisa boodaa	157
13	Malleen Dubbii	9ffaa	Yaadannoo malleen Dubbii	168
			Gilgaala 5-Shaakala Malleen Dubbii	169
		10faa	Gilgaala 5 Shaakala Malleen Dubbii	164

Haala odeeffannoon gabatee 4.3 armaan olii irratti dhiyaate mul'isutti haaluma odeeffannoo qaaccessa kitaabichaa irraa hubatamutti kitaabni Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa kana keessatti faca'iinsa afoolaa boqonnaa kudha saddeetii kitaabichi qabu keessatti gosoonni afoolaa kudha sadii seensifamaniiru.

Haaluma kanaan gosoonni afoolaa kitaabbilee kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argamani kanniin akka sirba gaa'elaa, tapha ijoollee, eebba, mammaaksa, jechama, geerarsa, weedduu jaalalaa, uruursuu daa'immanii, sirba jaalallaa, hiibboo, oduu durii,fi malleen dubbii of keessatti kan hammate yoo ta'u, gosoonni afoola biroo hammatamuu qaban osoo hin hammatamin hafanis akka jiran odeeffannoo qaacceffame irraa hubachuun danda'ameera. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa afoola

adda addaa fayyadamuun dandeettii afaanii keessaa barreessuufi dubbisuu barsiisuun barattoota gonfachiisuun kan danda'amu ta'uusaati.

Akka ragaan qorannoo gabatee armaan olii keessatti dhihaate dabalataan mul'isutti kitaabbilee barnootaa Afaan Oromoo lamaan irraa argame mul'isutti gosoonni afoolaa kanneen akka mammaaksaa, oduu durii, hiibboo fi kkf kitaabbilee barataa kana keessatti bifa walmaadaleen ta'uu baatus dabree dabree kitaabicha keeessatti hammachiifamanii iru. Akkasumas qabsiisniifi dubbisni afoolaan walqabatu kan dandeettii dubbisuufi barreessuu dagaagsu bifa guutuu ta'een dhiyaachuu baatus xiyyeeffannaan kennamaafii akka jiru hubachuun ni danda'ama. Ragaan kun immoo odeeffannoo afgaaffii fi bargaaffidhaan barsiisotaafi barattoota mana barumsa sadarkaa lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Koo irraa argame kan gabbisuudha.

Haa ta'uyyu malee gosoota afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa boqonnaa kudha saddeeti qabu kun yemmuu qaacceffamu goosoota afoolaa tokko tokko haalli ittiin dhiyaate galma gahiinsa kaayyoo afaaniirratti hanqinni mul'atu jira. Akka fakkeenyaatti yoo ibsamu: Uruursuun daa'immanii dubbisa "*Guddifachaa*" jedhu (kutaa kudhanaffaa fuula 103) akkasumas dubbisa "*Faaruu daa'immanii*" jedhu (kutaa saglaffaa fuula 150) keessatti haa ka'u malee bal'inaan ibsamuun barattoonni akka ittiin skaakaluun dandeettii afaanii ittiin gabbifataniif akka barbaadamutti hin qophoofne. Eebbi dhihaates haaluma walfakkaatuun dubbisa kana keessatti haa dhiyaatu malee bal'inaan hin ibsamne.Osoo bal'inaan ibsameera ta'ee, gilgaalota keessattis barattoonni akka shaakalaniif kan affeeru ta'eetii kaayyoo barnoota afaanii keessaa tokko kan ta'e dandeettii dubbarree barsiisuun akka galma gahuu keessatti iddoo olaanaa qaba.

Afoolli dandeettiiwwan dubbarree gabbisuu keessatti gahee guddaa qaba. Barattoonni yemmuu afoola garagaraa dubbatan ykn dubbisan akkasumas immoo barreessan jechoota haara hiika isaanii kanaan dura hin beekne baruu danda'u. Dabalataanis, jechamootaafi ibsa dubbiiwwan haarawaa akka hubatan taasisa.

Kanarraa ka'uun afoolli barattoota si'eessuun fedhii guutuun gara barumsaatti dhiyeessa. Kunimmoo barattoonni waan dubbisan beekumsaafi muxannoo afoolaa kanaan dura qaban akka fayyadaman taasisa.Yaaddolee kanneen irraa kan hubachuun danda'amu hojiileen afoolaa barumsa afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti humna sammuu barattootaa dadammaqsuufi kakaasuu waan ofkeessaa qabaniif, barattoonni osoo hin dhiphatin bashannanaa barumsa afaanii haala gaariin akka hordofan taasisuu isaati. Kana malees, barumsa afaanii kutaa keessaa qabatamaa taasisuudhaan ogummaa afaanii gurguddoo afran barattoonni akka gabbifataniif faayidaa guddaa qabaachuusaa nu hubachiisa.

Akaakuun afoolaa baay'ee kanneen akka weedduu jaalalaa, sirba gaa'elaa, ururuu daa'immannii kitaaba Afaan Oromoo kanneen keessa kan galaniifi hin galin illee barattoonni dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu isaanii akka dagaagftan ni fayyada. Keessattuu kanneen kitaaba keessa jiran dandeettii dubbisuu barattootaa yoo dagaagsu, kanneen kitaaban ala jiranitti gargaaramuun akka barattoonni dandeettii barreessuu isaanii ittiin cimsatan gochuun ni danda'ama.

Waa'ee barbaachisummaa afoolaa Lauritzen (1980:787) yoo ibsu, caasaan afoolli hawaasaa ittiin qindaa'u mataan isaa fedhii dubbisuu kan hawwatu ta'uusaati. Yaada kana ilaalchisee Collie fi Stephen (1987) afoolli dhiyaatu ergaa kan dabarsuufi bashannansiisaa yoo ta'e dubbisni sun kan hin nuffisiifneefi kan barattoonni beekumsa aadaatiifi dandeettii barreessuu fi dubbisuu irraa gabbifatan ta'uu akka danda'u ibsu.

Durduriin fi hiibboon adda addaa yeroo ammaa barreeffamanii waan dubbifamaniif ogummaa dubbisuu ittiin gabbifachuuf mijatoo akka ta'an agarsiisa. Kun immoo afoolaawwan qindeeffamanii barreeffamaan taa'an kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessa galchuun dandeettii dubbarree barattootaa ittiin gonfachiisuudhaaf kan gargaaru ta'uusaa mul'isa.

Gama biraatiin Akka Warquun (2001) ibsetti geerarsi afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee sababa adda addaatiin ifa baha. Yeroo duulaa, hojii gamtaa, bineensota gurguddoo ajjeessanifi mana hidhaa galanii quuqqaan itti dhagahamuufi wkf akka geerraramu ibsa.

Geerarsa kana barattoonni yagguu daree keessatti iittiin baratan dandeettiin dubbachuu isaanii caalmaatti dagaagaa deema. Dabalataan geerarsa naannootti beekan akka barreessan taasisuun barsiisonni barattioonni isaanii akka dandeettii barreessuu isaanii ittiin cimsatan gochuu danda'a.

4.3. Gosoota afoolaa Kitaaba Barataa KeessattiDhiyaatan

4.3.1. Gosoota afoolaa Kitaaba Barataa Keessatti argaman ilaalchisee hubannoo barattootaafi barsiisotaa

Gosootni afoolaa kitaabbilee Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan fedhii, sadarkaa, muuxannoo, dandeettii afaanii isaan dagaagsuu danda'an fi kkf irratti hundaa'uun bifa adda addaa kan ofkeessatti hamate ta'uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan gabateen armaan gadii kunis faca'iinsi afoolli dandeettii dubbarree barattootaa dagaagsu kan kitaabbilee Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keesatti argaman kan keessatti dhiyaateedha.

Gabatee 4.4: Akaakukuwwan Afoolaa Kitaaba barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti

Qabiyyeewwan Gaaffii	Barsiisota (N=7)						Barattoota (N=48)					
	Mul'istuu Waliigalamuu	Lak	%	Mul'istuu J/G gadii	Lak	%	Mul'istuu Waliigalamuu	Lak	%	Mul'istuu J/G gadii	Lak	%
Akaakuu afoola Oromoo isaan kam akka ta'an adda bahani ibsamaniiruu?	DO	3	42.9	GA	1	14.3	DO	22	45.76	GA	3	6.2
	OL	2	28.6	DGA		0	OL	14	29.12	DGA	1	2.1
	JG	1	14.3	HJ		0	JG	6	12.48	HJ	2	4.2
	Ida'ama	6	85.7	<GA	1	14.3	Ida'ama	42	87.3	<GA	6	12.5
Afoolli Kitaabbilee Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan kun tooftaa kamiin akka barsiifaman addaan bahanii ibsamaniiruu	DO	3	42.9	GA	1	14.3	DO	19	39.5	GA	3	6.2
	OL	3	42.9	DGA		0	OL	21	43.6	DGA	3	6.2
	JG	0	0	HJ		0	JG	0	0	HJ	2	4.2
	Ida'ama	6	85.7	<GA	1	14.3	Ida'ama	40	83.2	<GA	8	16.6
Facaatiin afoola Oromoo kitaaba barataa kanniin keessatti argamu Gosoota gara garaa bifa walmadaalchiseeni	DO	1	14.3	GA	1	14.3	DO	6	12.48	GA	8	16.6
	OL	3	42.9	DGA	1	14.3	OL	13	27.04	DGA	4	8.3
	JG	0	0	HJ	1	14.3	JG	6	12.48	HJ	11	22.9
	Ida'ama	4	57.1	<GA	3	42.9	Ida'ama	25	52	<GA	23	47.8

Furtuu- *DO= Daran ol'aanaa, OL= ol'aanaa, JG= Jiddu galeessa, GA=Gadi aanaa, DGA= Daran gadi aanaa, HJ=hin jiru, <GA mul'istuu gadi aanaafi isaa gadi kan ta'e*

Akka gabatee 4.4 armaan olii kana irraa hubachuun danda'amutti gaaffii barreeffamaa "*Akaakuu afoola Oromoo isaan kam akka ta'an adda bahani ibsamaniiruu*?" barsiisota Afaan Oromoo 6(85.7%) afoolli kunniin adda bahanii ibsamuu isaanii rageessanii jiru. Kana jechuun barsiisaan 3(42.9%) haala daran ol'aanaa ta'een adda bahanii jiran yoo jedhu, 2(28.6%) ol'aanaa, akkasumas 1(14.3%) immoo jiddu galeessa jedhanii jiru. Haata'u garuu barsiisaan 1(14.3%) yaada kana irratti baay'ee akka walii hin galin mul'isa. Bifa walfakkaatuun barattoota gaafataman 48 keessaa isaan jahaan kan hafe, yookan isaan 42(87.3%) ta'an akaakuun afoola Oromoo gara garaa kitaabbilee barataa kanniin keessatti adda bahani akka ibsaman mirkaneessanii jiru. Haata'u garuu barattoonni 6(12.5%) yaada kana ilaalchisee waliigaltee hin agarsiisne.

Gama birootiin "*afoolli Kitaabbilee Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan kun tooftaa kamiin akka barsiifaman addaan bahanii ibsamaniiruu?"* gaaffii jedhu ilaalchisee deebii deebii barsiisotniifi barattoonnii kennan hedduu kan walfakkaatuudha. Kunis barsiisonni 6(85.7%) fi barattoonni 40(83.2%) gosootni afoolaa kitaabbilee Afaan Oromoo kanniin keessatti dhiyaatan kunniin tooftaa yookan malleen ittiin barsiifaman faana dhiyaatanii jiran yaada jedhu rageessanii jiru. Haata'u garuu barsiisaa tokkoofi barattoonni afur qofti yaada kana osoo hin mirkaneessanii hafanii jiru. Kanaafuu deebii odeeffannoo kennitoota a kana irraa kan hubatamu barsiisotni fi barattoonni lakkoofsaan garmalee hedduu ta'antu barbaachisummaan afoolli mala ittiin barsiifamu wajjiin dhihaachuu akka qabu eeran. Keessattuu afoolli sun dandeettii bu'uraa afaanii keessaa kam akka guddisuu dhiyaate salphumatti beekuun itti gargaaramuuf kan nama fayyaduudha.

Gosoota afoolaa kitaabbilee Afaan Oromoo kanniin keessatti dhiyaatan ilaalchisee gaafiin dhiyaate inni biroo immoo waa'ee facaatii akaakuu afoola gara garaa gaaffii ilaallatuudha. Kana ilaalchiisee deebiin odeefkennitoonni kennan akka ifoomsutti barsiisotni 4(57.1%) fi barattoonni 25(53.2%) facaatiin afoola Oromoo kitaaba barataa kanniin keessatti argamu gosoota gara garaa bifa jiddu galeeffateen kan dhiyaate jedhanii jiru. Haata'u garuu barsiisonni 3(42.9%) fi barattoonni 23(47.8%) yaada jiraachuu

facaatii gosoota afoola gara garaa kitaabbilee barataa kana keessatti argamanii irratti osoo walii hin galin hafanii jiru.

Yaada kanarra wanti hubatamu akkauma dhiyaannaan gosoota afoolaa gara garaa kitaabbilee Afaan Oromoo kana keessa jiru, facaatiin isaanii gama birootiin hanga tokko walmadaaluu dhabuu namatti muldhisa. Haata'u garuu gosootni afoolaa akkaataa ititiin walmadaalchisnu cal jedhee akka feeteen osoo hin taanee dandeettii afaanii akka baratamuuf barbaadame bifa jiddu galeeffateen osoo ta'ee caalmaatti filatamaa ta'a.

Walumaagalatti afoolli gosa walfakkaataa qofti kitaaba barataa keessa deddeebi'ee muldhatun fedhii barattoonni afoolatti gargaaramanii barachuuf qaban ni quucarca. Kanaafuu gosoota afoolaa adda addaa kanneen akka mammaaksaa, hiibboo, oduu durii, sirba jaalalaa, weedduu gaa'ilaa, uruursa daa'immaniifi kkf haala walmadaalaa ta'een kitaabbilee kaniin kessatti seensifamuun isaanii faayidaa ol'aanaa qaba.

Gama birootiin qaaccessa odeeffannoo tooftaa bargaaffiitiin funaanname wajjiin walbira qabuun qaaccessa odeeffannoo afgaaffii Barattoota kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa irraa argameilaalchisee gaaffii afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa keessa jiru daree barnoota Afaan Oromoo tti ittiin barataa jirtuu? Gosoonni afoola kanneenii maal fa'a? Jedhuuf barattoonni kutaa 9^{ffaa} fi10^{ffaa} odeeffannoo kennitoota filataman deebii yemmuu kennan: afoolatti gargaaramuun akka barachaa jiran ibsanii jiru. Gosoonni afoolaa isaan akka fayyadamaa jiran eeran kanneen akka mammaaksa, hiibboo, durdurii, geerarsa, sirbaafi kkf dha. *(Af-gaaffii barattoota mana barumsa Dodolaa wajjiin16/03/2011, taasifame irraa deebii argame.)*

Odeefkennitoonni kunniin dabaluun afoolatti fayyadamuun dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu akka barachaa jiran ibsanii jiru. Dandeettiwwan dubbisuufi barreessuu isaanii kanniin akka ittiin gabbifataniif gosoonni afoolaa kanniin akka weedduu, sirboota adda addaa, sheekkoo, tapha ijoolleefi kkf kitaaba isaanii keessa akka jiran barattoonni kunniin rageessanii jiru.

Kuni kan namatti mul'isu afoolli gara garaa kan dandeettii dubbarree barattootaa dagaagsan kitaabbilee barnoota Afaan Oromoo kan kutaa 9^{ffaa}fi10^{ffaa} keessa seensifamuu

isaanifi barattoonnis faayidaa isaan gama dandeettii barreessuufi dubbisuu isaanii ittiin fooyyeeffataniif walqabsiisuu isaaniti. Qorataan qorannoo kanaas ragaa afgaaffii barattoota irraa argate kana malleen funaansa ragaalee kanneen akka bargaaffii fi sakatta'a qabiyyee kitaabbilee kanniinii irratti geegesseen adda baafatee jira.

Gaaffiin barattoonni madda ragaa qorannoo kanaa gaafataman inni biroo akkana kan jedhu ture*"Afoolli waytii barnoota Afaan Oromoo keessatti isiniif dhiyaatu kun faayidaa qaba jettanii yaadduu?* Gaaffii kana irratti barattoonni irra caalaan yemmuu deebii kennan a*foolli waytii barnoota Afaan Oromoo keessatti isaanif* faayidaa hedduu akka qabu ibsanii jiru. Faayidaan isaan ibsan keessaa muraasni nama bashannansiisuu, kaka'umsaafi hirmaannaa guutuun akka barataniif isaan qarqaaruu, aadaafi seenaa isaanii akka barataniif, dandeettiwwan afaanii kanniin akka dubbisuufi barreessuu akka gabbifataniif akka isaan qarqaaruu deebisanii jiru.

Afoolli dandeettii dubbarree (barreessuufi dubbisuu) akka gabbifattan ni taasisaa? Yoo ni taasisa ta'e haala kamiin fa'a? gaaffi jedhuuf barattoonni kunniin yoo deebii kennan: akkana jechuun ture hedduun isaanii kan deebisan; afoolli dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu isaanii akka ittiin gabbifatan akka isaan qarqaaru akkana jechuun ibsan. "*haalli afoolli ittiin akka dandeettii afaanii gabbifannu taasisus afoola kitaaba keessatti qophaaye, kan barsiisaan keenya nuuf qopheesseefi kan nuti duraan beeknu walitti fiduun daree barnootaa keessatti yemmuu shaakallu karaa salphaa ta'een ogummaa afaanii dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu gabbifachuu ni dandeenya"* jechuun deebii kenne. *(Af-gaaffii barattoota mana barumsa Hawwii Koo wajjiin18/03/2011, taasifame irraa deebii argame.)*

Kanarraa wanti hubatamuu danda'u afoolli itti fayyadama dandeettii afaanii waan si'eessaniif akka madda afaan barsiisuutti akka oolaniif haala kan mijeessaniidha. Akkasumas marii garee kutaa keessaatiif carraa waan kennaniif, barattoonni dandeettii afaanii hundaanuu keessattuu, dubbisuufi barreessuurratti dammaqinnaan hirmaannaa hoo'aa akka taasisaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf immoo afoolli afaan barsiisuuf filatamanii kitaaba barnootaa keessatti hammataman dandeettii afaanii barreessuufi dubbisuuf kan mijaa'an ta'uu qabu.

"Yeroo afoolaan dandeettii dubbisuufi barreessuu barattan rakkoon mul'atu maalii?" gaaffii jedhuuf deebii yemmuu kennan, baay'een barattoota kanaa rakkinni jiru hanqina yerootiin yemmuu walqabsiisan barattoonnishan rakkoo akka dabalataatti kaasan keessaa tokko gosoota afoolaa tokko tokko keessatti argaman haarawa ta'uun hiikkaan isaanii kan nu rakkisuudha." jedha. Fakkeenyaaf Dubbisa "Addooyyee" jedhu kutaa 9ffaa fuula 16 irratti akkasumas dubbisaGaraa Walitti Nahe keessatti "Asooyyee sooyyee" kan jedhu kutaa 9ffaafuula 162 irratti argamu kaasuun ni danda'ama.

Dhimma kana ilaalchisee gaafatamaan barataa tokko rakkoolee kanneen akka hanqina yeroo barnoota dareetiin alatti fakkeenyaaf iddoo gumii miinimidiyaa, akkasumas Gudinaafi Dagaagina Afaan Oromootti kan shaakalan ta'uu akkasumas jechoota haara dubbisaa fi shaakaloota afoolaa keessatti isaan rakkisu immoo hiriyyootaafi barsiisota isaanii gaafachuun furachaa akka turan addeessanii jiru.

Odeeffannoo afgaaffiidhaan barattoota irraa argame kana irraa hubachuun kan danda'amu faayidaan afoolli dandeettii bu'ura afaanii afran galmaan gahuu keessatti qabu hubannoo qabaachuu isaaniitiifi bifuma walfakkaatuun barnoota keessatti si'aayinaafi kaka'umsaan akka barataniif afoolatti fayyadamuun isaanii sakatta'a afgaaffii isaaniif qophaa'e kana irraa hubachuun danda'ameera.

4.3.2. Gosoota Afoolaa Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi Kudhanaffaa Keessatti dandeettii barreessuu fi dubbisuu Barsiisuuf Dhiyaatan

Kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa bara 2005 qophaa'an keessatti akaakuun afoola Oromoo dhiyaatan isaan kam akka ta'aniifi haala kamiin akka dhiyaatan adda baasuun qaacceffame. Gosoota afoola kenneen adda baasuuf ammoo akkaataa gabatee (4.5) armaan gadii keessatti dhiyaate ilaaluun ni danda'ama.

Gabatee 4.5: Gosoota Afoolaa Dandeettii Dubbisuufi Barreessuu Dagaagsan

T.L	Gosoota Afoolaa	Barreessuu Barsiisuu	Dubbisuu Barsiisuu
1	Faaruu Loonii	X	✓
2	Sirba Gaa'elaa	✓	✓
3	Tapha Ijoollee	✓	✓
4	Eebba	X	✓
5	Mammaaksa	✓	✓
6	Jechama	✓	✓
7	Geerarsa	✓	✓
8	Weedduu Jaalalaa	✓	✓
9	Uruursuu Daa'immanii	✓	✓
10	Sirba jaalalaa	✓	✓
11	Hiibboo	X	✓
12	Oduu Durii	✓	✓
13	Malleen dubbii	✓	✓

Furtuu- *"✓" ni jira jechuu, "X" hin jiru jechuudha*

Sakatta'a kitaabaa irraa argame mul'isutti gosoonni afoolaa dhiyaatan harki caalaan kaayyoo dandeettii afaanii barreessuufi dubbisuu jiran milkeessuuf mijatoo akka ta'an gabatee armaan olii irratti ifatti agarsiifamee jira. Hojiileen kalaqaa marii kutaa keessatiif carraa waan kennaniif, barattoonni keessattuu dubachuufi barreessuudhaan hirmaannaa hoo'aa akka godhaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf afoolli afaan barsiisuuf filatame dandeettii afaanii keessaa barreessuufi dubbisuu milkeessuuf kan mijatan ta'uu qabu.

Haala kanaan akkuma gabatee (4.5) asiin gubbaa irratti dhiyaatetti faaruun loonii, mammaaksi, hiibboo kitaabbilee barattootaa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} kana keessatti dhiyaate dandeettii barreessuu qofa irratti kan xiyyeeffate osoo hin taane dubbisuu barattootaa dagaagsuu irratti kan xiyyeeffateedha. Haata'u garuu akaakuun afoolaa isaan hafan kanneen kitaaba kana keessatti aragamn dandeettii dubbarree barattootaa akkaataa dagaagsuu danda'aniin kan qindaawedha. Adeemsa baruu-barsiisuu

keessatillee, afoolli akaakuu gara garaa iddoo itti baratamuuf maluu kan mataa isaafi gahee akka qabu beekkamaadha. Afoola Oromoo kitaaba kana keessa galanii jiran hanga eegame deemeera jechuun kan hin danda'amne ta'us fooyya'iinsi gaariin akka jiru barsiisonni gaffii afaanii irratti hirmaatan ibsanii jiran. Kitaabbileen Afaan Oromoo afoola bifa hiibboo, makmaaksa, duriiduriifi tapha bifa garaa-garaa kan qabu dha

Argannooleen akka mul'isanittis, eddoo tokko tokkotti Shaakalli afoolaa irra-caalaan, hojii dareerratti kan bu'uraawe ta'ee, hubee aadaafi xiinxala taatee jiruurratti qabu hanga tokko kan mul'isuudha. Barattootni afoola barachuurraa ka'anii afoolarraa barachuu; achirraass, afoolaan barachuuf haalli itti yaadamee qindaa'e baratamuu akka qabu Indaaluu (2015) hubachiisee jira.

4.2.3. Gilgaalota Afoola Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi Kudhanaffaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu irratti Xiyyeeffatu

Gabatee 4.6: Gilgaalotaa fi Shaakaloota Afoolaa Kitaaba barataa keessatti Dhiyaatan

T.L	**Gosoota Afoolaa**	**Xiyyeefannoo dandeettii Afaanii gilgaalotaa afoola dhiyaate keessaa bahanii**	
		Barreessuu	**Dubbisuu**
1	Sirba Gaa'ela	✓	✓
2	Mammaaksa	✓	✓
3	Jechama	X	✓
4	Weedduu Jaalalaa	X	X
5	Uruursuu	X	X
6	Hiibboo	X	✓
7	Oduu Durii	X	X
8	Malleen Dubbii	✓	✓

Furtuu- *"✓" ni jira jechuu, "X" hin jiru jechuudha*

Afoolli dandeettiiwwan afaanii dagaasan yeroo baay'ee qabiyyeewwaan kitaabaa kanneen akka dubbisaafi yaadannoo gaggabaaboo keessa seenuun kan dhiyaatan ta'us gochaalee, gilgaalotaa fi shaakaloota kitaaba barataa keessatti illee dhiyaachuuf carraa bal'aa qabu.

Yaada kana adda baasuuf qabxileen gabatee (4.6) keessatti tarreeffamanii ibsamuun dhiyaataniiru.

Akka odeeffannoon sakatta'a kitaabaatiin argame mul'isutti gilgaalonni afoola dhiyaatan keessaa dandeettii afaanii gabbisuuf dhiyaate kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessaa gilgaalota kudha shan yemmuu ta'u, kanneen keessaa gilgaalonni afur dandeettii barreessuu irratti yemmuu xiyyeeffatan, gilgaalonni shan dandeettii dubbisuu irratti akka xiyyeeffatu qaacceffama taasifameen irra ga'ameera. Gilgaalonni kutaa10ffaa keessatti argaman kudha jaha keessaa gilgaalota sadi ogummaa barreessuu irratti, gilgaalonni jaha dandeettii dubbisuu irratti yoo xiyyeeffatan kanniin hafan dandeettii dubbachuu fi dhagheeffachuu irratti xiyyeeffatu.

Odeeffannoo sakatta'a kitaabaa irraa argameen kan nu hubannu gilgaalonni afoola dhiyaate keessaa bahan harki caalaan kan irratti xiyyeeffatan ogummaa dubbachuufi dhageeffachuu irratti ta'usaaniifi itti aansuun immoo dubbisuufi barreessuu irratti kan xiyyeeffataniidha. Afoolli akka meeshaa afaan barsiisuutti fayyadamuun kaayyoon isaa beekumsa afoolaa kuufachuufi waa'ee afoolaa xiinxalluuf osoo hin taane, afoola filatamaniin dandeettii Afaanii akka gabbifatan taasisuudha (Wandosen, 1994. Hayyuun kun yaada armaan olii lafa haa kaahu malee, qorataan qorannoo kanaa kan itti amanu barattoonni afoolaan dandeettii afaanii gonfachiisuu cinattis beekumsa afoolaa kuufachuuniifi xiinxalluun afaaniin gargar bahee kan hin ilaalamne ta'uusaati. Ogummaan afaaniifi kuufamni afoolaa yookaan xiinxalli afoolaa walitti hidhamiinsa qabachuun isaanii ni mul'ata.

Bifuma gabateen armaan olii eeruun gosoonni afoolaa jechamni, weedduun jaalalaa, uruursuun, hiibboon, oduun durii osoo dandeettii afaanii barreessuufi dubbisuu gabbisuuf mijatuu, haalli kitaaba keessatti ittiin dhiyaate irra caalaa ogummaa dubbachuufi dhageeffachuu irratti xiyyeeffachuun hanqina keessattuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti mul'atu waan ta'eef akka ogummaa hunda irrattuu xiyyeeffatutti qophaa'uu qaba. Kitaaba Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa keessatti malleen afoolaan afaan barsiisuu agarsiisuuf dhiyaate mul'isu ilaalchisee bifa odeeffannoon qaaccessa kitaaba Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa irraa argame mul'isutti

malleen afoolli kitaaba keessatti ittiin dhiyaate mala dhiyeenyaa dandeettii afaanii bu'uureffate ta'uusaati.

Gama birootiin Lazar (1993:22) akka ibsetti, *malleen afoolaan afaan barsiisuuf dhiyaatan sadituu jiru. Isaanis, mala dhiyeenyaa dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu bu'uureffate, mala dhiyeenyaa afaan bu'uureffateefi mala dhiyeenyaa kalaqaati. Kaayyoon malleen kanneenii kallattii hedduun barnoonni afaanii akka galma gahu taasisuudha.*

Haa ta'uu malee, malleen dhiyeenyaa afoolaa kitaaba kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa mala dhiyeenyaa dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu bu'uureffate ta'uusaa sakatta'a taasifame ni hubachiisa.

4.4. Faayidaa Afoola kitaaba barataa keessatti dhiyaatan

4.4.1. Faayidaalee afoola dandeettii dubbarree dagaasan ilaalchisee hubannoo odeeffannoo kennitootaa

Mata duree kana jalatti qaaccessi ragaalee faayidaalee afoolli dandeettii dubbisuufi barreessuu dagaagsu ilaalchisee tooftaa bargaaffiifi afgaaffiitiin funaannaman duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

Jalqaba irratti afoolatti fayyadamuun dandeettii dubbarree barsiisuun faayidaa akkamii akka qabu ilaalchisee ragaaleen qorannoo bargaaffiidhaan barattootaafi barsiisota Afaan Oromoo irraa funaannaman yaadota ka'an akkaataa gabatee armaan gaditiin qindaahee dhiyaatee jira.

Gabatee 4.7: Faayidaa afoolaa Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argaman

Qabiyyeewwan	Barsiisota (N=7)						Barattoota (N=48)					
	Mul'istuu Waliigalamuu	Lak	%	Mul'istuu J/G gadii	Lak	%	Mul'istuu Waliigalamuu	Lak	%	Mul'istuu J/G gadii	Lak	%
Fedhii barattootaa kakaasuuf	DO	2	28.6	GA	1	14.3	DO	10	20.8	GA	5	10.4
	OL	1	14.3	DGA	1	14.3	OL	11	22.9	DGA	6	12.5
	JG	2	28.6	HJ	0	0	JG	11	22.9	HJ	5	10.4
	Ida'ama	5	71.4	<GA	2	28.6	Ida'ama	32	66.6	<GA	16	33.3
Dubbisuu Barsiisuu	DO	3	42.9	GA	1	14.3	DO	21	43.7	GA	6	12.5
	OL	2	28.6	DGA		0	OL	14	29.1	DGA	1	2.1
	JG	1	14.3	HJ		0	JG	6	12.5	HJ	0	0.0
	Ida'ama	6	85.7	<GA	1	14.3	Ida'ama	41	85.3	<GA	7	14.6
Barressuu Barsiisuuf	DO	2	28.6	GA	1	14.3	DO	14	29.1	GA	7	14.6
	OL	2	28.6	DGA	1	14.3	OL	13	27.0	DGA	6	12.5
	JG	1	14.3	HJ		0	JG	6	12.5	HJ	2	4.2
	Ida'ama	5	71.4	<GA	2	28.6	Ida'ama	33	68.6	<GA	15	31.2
Bashannansiisuu	DO	2	28.6	GA	1	14.3	DO	11	22.9	GA	6	12.5
	OL	3	42.9	DGA		0	OL	19	39.5	DGA	5	10.4
	JG	1	14.3	HJ		0	JG	5	10.4	HJ	2	4.2
	Ida'ama	6	85.7	<GA	1	14.3	Ida'ama	35	72.8	<GA	13	27.0
Aarii ittiin bahuuf	DO	1	14.3	GA	1	14.3	DO	6	12.5	GA	7	14.6
	OL	2	28.6	DGA	1	14.3	OL	15	31.2	DGA	6	12.5
	JG	2	28.6	HJ	0	0	JG	11	22.9	HJ	3	6.2
	Ida'ama	5	71.4	<GA	2	28.6	Ida'ama	32	66.6	<GA	16	33.3

Furtuu- *DO= Daran ol'aanaa, OL= ol'aanaa, JG= Jiddu galeessa, GA=Gadi aanaa, DGA= Daran gadi aanaa, HJ=hin jiru, <GA mul'istuu gadi aanaafi isaa gadi kan ta'e*

Gabatee armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu afoolli gosoota gara garaa qabu kan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti dhiyatan faayidaalee gara garaa akka qaban haala armaan gadiitiin ilaallamee jira. Haala kanaan barsiisonni fi barattoonni yaada walfakkaata dhiheessanii jiru, barsiisonni 5(71.4%) fi barattoonni 32(66.6%) afoolli fedhii barattootaa kakasuf fayyada yoo jedhan, barsiisonni 6(85.7%) fi

barattoonni 41(85.3%) afoolli dandeettii dubbisuu barattootaa ni dagaagsa jedhu, akkasumas; barsiisota 5(71.4%) fi barattoonni 33(68.6%) afoolli dandeettii barreessuu barattootaa ni cimsuuf fayyada yoo jedhan, 6(85.7%) fi barattoonni 35(72.8%) afoolli fedhii barattootaa kakasun akka bashannaniif ni gargaara jechuun walii galanii jiru.

Odeef-kennitioonni afoolli aarii ittiin bahachuuf gargaara kanniin jedhan barsiisota 5(71.4%) fi barattoota 32(66.6%) ta'aniidha. Barattoonnifi barsiisonni kanaan ala jiran lakkoofsi isaanii baay'ee gadi aanaa ta'e yookan dhibbantaa 33.3 gadi ta'an qofatu faayidaalee gara garaa afoola kitaaba barataa keessa galchuun argamu irratti yaadan baay'ee walii hin galin. Haata'u garuu odeef-keniitoonni dhibbantaa 50% ol jiran yaada kana irratti waliigaluun isaanii barattoonni fi barsisonni faayidaa afoolli adeemsa baruu-barsiisuu barnoota Afaan Oromotiif gumaachu irratti hubannoo cimaa akka qaban namatti mul'isa.

Yaada armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu faayidaa afoolli qabu keessaa barattoonni kaka'uumsa gaarii qabaachuun, hirmaannaa hoo'aa taasisuun akka baratan gochuun faayidaa afoolaa keessaa isa guddaadha. Afoolli amala ofitti nama hawwachuu, si'eessuufi bashannansiisuu waan qabuuf barnoota Afaan Oromoo keessatti yemmuu gargaaramnu kaayyoo gurguddoo barnoota afaanii galmaan gahuuf iddoo olaanaa qaba. Barnoota Afaan Oromoo keessatti afoola yoo akka meeshaa afaan barsiisuutti fayyadamne barattoonni ofitti amanamummaa, si'aayinaafi kaka'umsa akka qabaatan taasisa. Haaluma walfakkaatuun hirmaannaa barattootaa dabaluu keessattis gahee olaanaa akka qabu kutaalee darban keessatti ibsameera. Barnoonni afaanii si'aayinaafi kaka'umsa gahaa kan barbaaduufi hirmaannaa hoo'aa barattoonni godhaniin galma gahuu kan danda'uudha (Abdurrahmaan, 2016).

Akkasumas Geetaachoon (2009) faayidaa afoolaa yoo ibsu, *"afoolli haara itti galfachuuf, itti bashananuuf, aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa"* jedha. Kana malees, labata boriif madda ta'ee tajaajiluusaa ibseera.

Qabxiin inni biroo kan xiyyeeffannaa qorannoo kanaa kan ta'eefi faayidaan afoolli qabu inni biroo dandeettii afaanii keessaa kaneen akka dubbisuufi barreessuu barattootaa akka

dagaasuu akkaataa ittiin taasifamuudha. Barsiisota gaafataman keessaa yaada afoolli dandeettii dubbisuu ni dagaasa jedhu barsiisota torba keessaa kan morme barsiisaa tokko qofa yoo ta'u yaada barressuu ni dagaasa kan jedhuun barsiisonni lama osoo walii hin galin hafanii jiru. Haata'u garuu barsiisonni caalmaa qaban, jechuun barsiisonni 6(85.7%) afoolli barattoonni akka dandeettii dubbisuu isaanii dagaagsatan ni fayyada yoo jedhan barsiisotni 5(71.4%) ta'an immoo afoolatti fayyadamuun dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuun akka danda'amu bira gahamee jira. Sababni isaas afoolli amala hawwachuufi si'eessuu waan qabuuf barattoonni afoolatti garagaaramuun yagguu baratan dandeettii dubbisuufi barreessuu isaanii akka gabbifatan taasisa.

Kanaan alas filannoowwan qorattichaan bargaaffii keessatti dhihaate keessaa tokko *faayidaa afoolaa ilaalchisee yaada dabalataa qabduu*? filannoo jedhuuf barsiisaan tokko yaada isaa akkanatti lafa kaahe. "Afoolli aadaa barsiisuurratti faayidaa guddaa qaba, aadaafi afaan immoo walitti dhufeenya guddaa qabu. Kun immoo dubbisaan itti fayyadama afaanii wajjiin akka walbaru taasisa. Akkasumas ogummaa isaanii akka gabbifataniif gargaara.

Gama birootiin faayidaalee afoolli dandeettii dubbarree dagaasu ilaalchisee hubannoo Barsiisota Afaan Oromoo qaban kan tooftaa afagaaffiitiin funaanname akkaataa armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

Faayidaalee afoolli dandeettii dubbarree dagaagsuuf qabu ilaalchisee ragaaleen qorannoo afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Koo irraa argamee bifa itti aanu kanaan qaacceffamuun dhiyaate.

Jalqaba irratti afgaaffii "afoolli Oromoo dandeettii dubbisuufi barreessuu Afaan Oromoo keessatti faayidaa qaba jettanii yaadduu? jedhuuf, barsiisonnii gaafataman keessa baay'een isaa deebii walfakkaataa kennanii jiru. Deebiin isaanis faayidaan afoolli gara garaa dandeettii dubbisuufi barreessuu keessatti kan wal nama gaafachiisuu miti. Akka barsiisota kanaatti yoo ta'e barnoota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa keessatti baay'ee barbachisaadha.

Gahee afoolli dandeettii afaanii keessaa dubbarree barsiisuun walqabatee haala qabatamaa ta'een barattoota gonfachiisuuf gargaara.

Dhimma kana ilaalchisee Baddiluun (1996) akka ibsetti afoolli dandeettiiwwan afaanii gabbisuu keessatti gahee guddaa qaba. Kunis, barattoonni yemmuu afoola garagaraa dubbatan ykn dubbisan akkasuma immoo dhageeffatan yookan barreessan jechoota haara hiika isaanii kanaan dura hin beekne baruu danda'u. Dabalataanis, jechamootaafi ibsa dubbiiwwan haalawaa akka hubatan taasisa. Sababni isaas, hojiileen afoolaa tokko tokko waan ta'e wahii guddisanii agarsiisuu waan ta'eefiidha.

Gaaffii "afoolli dandeettii dubbisuu fi barreessuu keessatti faayidaa qaba jettanii yaadduu?"jedhuuf, barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaa Dodolaatti barnoota Afaan Oromoo barsiisan haala walfakkaatuun *"eeyyee faayidaa qaba"* jechuun erga deebisanii booda, faayidaa afoolaa barnoota Afaan Oromoo keessatti akka itti aanu kanatti ibsan.

*"Afoolli faayidaa guddaa kan qabu waan ta'eef, barnoota Afaan Oromoo keessatti yoo itti fayyadamne karaa hawwataa ta'een kaayyoo dubbarree galmaan gahuuf gahee guddaa taphata. Bifuma walfakkaatuun "afoolli barattoonnis kaka'uumsaan hirmaannaa hoo'aa taasisuun akka barataniif faayidaa qaba"*jedhan. *(Af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa Dodolaa wajjiin17/04/2011, taasifame irraa deebii argame).*

Yaadni barsiisota kanaa irraa kan hubatamu faayidaan afoolli inni barnoota Afaan Oromoo keessatti qabu, amala ofitti nama hawwachuu, si'eessuufi bashannansiisuu waan qabuuf barnoota Afaan Oromoo keessatti yemmuu gargaaramnu dandeettiiwwan dubbisuu fi barreessuu irratti fooyya'iinsa barattoota keessatti gama fiduutiin bu'aa olaanaa akka qabu ni muldhisa.

4.5. Hojiirra Olmaa Afoola Dandeettii Dubbarree Barsiisuu

Akkaataa afoolli Oromoo kitaaba barataa keessa jiru ittiin barsiifamu ilaalchisee ragaalee qorannoo keessattuu mala afgaaffiifi fi daawwannaa dareetiin funaannaman haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

Kaniin keessaa inni tokko afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate kan *"Afoola gargaaramtanii dandeettii dubbisuufi barsiisuu barsiisuu irratti xiyyeeffannoon qabdan maal fakkaata?"*gaaffii jedhuuf deebiin barsiisotni kunniin kennan, *"afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo humna ittiin ibsu qaba waan ta'eef, kana ta'uun isaa immoo akka itti xiyyeeffatamu waan isa taasisuuf, dandeettii dubbisuufi barreessuu ittiin barsiisuuf itti xiyyeeffanna. Kunis si'aa'ina barattootaa kakaasuun akka isaan dandeettii barreessuufi dubbisuu barachuu keessatti qooda guddaa akka fudhatan isaan qarqaara"* jechuun deebii isaanii kennan.

Gaaffiin inni biroo barsiisota kanniinif dhiyaate, haala kitaabni Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa qajeelchutti barattoonni afoola duraan beekan fidanii dhufuun akka gareen shaakalaniif haalli isin itti jajjabeessuun barsiisan maal akka fakkaatu kan eerudha. Gaaffii kanaaf deebiin barsiisotni kunniin kennan yemmuu ilaallamu

"Barattoonni barnoota baratan keessatti afoola dabalatee muuxannoo duraan jireenya isaanii keessatti qaban waliin yoo walitti fidan barnoonni isaan argatan qabatamaa ta'a; waan ta'eef, nutis yaaduma kanaa haala ajaja kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa irratti hundoofnee mata duree afoolaa tokko jalatti afoola duraan beekan daretti fidanii dhufuun shaakalliin akka dandeettii barreessuu fi dubbisuu isaanii gabbifatan taasisaa jirra" jechuun deebisanii jiru. *(Af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa Hawwii Koo wajjiin17/04/2011, taasifame irraa deebii argame).*

Kanuma irra ka'uun barsiisotni Afaan Oromoo yagguu waa'ee afoolaa barsiisan kan kitaaba keessatti argamu qofa irratti hundaahuu osoo hin taane kan kitaaba keessa hin jirre illee barreessanii akka dubbisan gochuun barattootni caalmaatti dandeettii dubbisuufi barreessuu akka gabbifataniif baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun danda'amee jira.

Gaaffiin dhuma irratti barsiisonni gaafataman, "afoola fayyadamuun yeroo barnoota Afaan Oromoo barsiiftan rakkoon isin mudate jiraa?" kan jedhuudha. Gaaffii kanaaf barsiisonni deebii yoo kennan, rakkoon yemmuu afoola fayyadamuun afaan barsiisuu nu mudate olka'ee kan mul'atu ta'uu baatus, rakkoon akka hanqina yeroo ni mul'ata. Kunis

yeroon afoolli sun fudhatuufi waytiin barnootichaaf ramadame walsimuu dhabuudha. Kanas barattoonni yeroo barnootaatiin alas akka shaakalan ni taasifna." jedhan.

Rakkoon biroo barsiisotni kunniin kaasan "xiyyeeffannoo kennuu dhabuu barattoota tokko tokko biratti mul'atuu ilaalchiseeti. Kunis afoolicha jireenya hawaasummaa yookan maatii isaanii irraa waan beekaniif faayidaa inni barnoota Afaan Oromoo keessatti qabuuf hin xiyyeeffatan. Kanas yeroo barsiisnu qabatamaan dandeettii afaanii akka afoolli gabbisu itti garsiisuun furaa jirra" jedhan. Kunis kan ta'uu qabu barattoonni afoola gaafataman san qofa kuufatanii beekuu osoo hin ta'in afoola san barnoota Afaan Oromootiin walitti fiduun dandeettii dubbisuufi barreessuu isanii galmaan gahuudha caalaa xiyyeeffannaa guddaa barbaada.

Walumaagalatti odeeffannoon afgaaffii barsiisotaa irraa argame kun kan mul'isu afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti hammatamuun yeroo barnoota afaaniitiif oolu faayidaan inni dandeettii dubbisuufi barreessuu galmaan gahuuf qabu dansaa ta'uusaa afoola gargaaramanii barnoota Afaan Oromoo barsiisuufis akka xiyyeeffatan,barattoota akka shaakalsiisaniifi rakkoon yeroo afoolaan afaan barsiisan mudate hanqina yeroofi xiyyeeffannoo laaffisuun barattootaa akka mul'atuudha. Kanaaf immoo qophii kitaaba afaanii keessatti afoola hammachiisuufi yemmuu barnoota daree afaaniis afoolli xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'uusaa afgaaffii barsiisota waliin taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

Akkasumas, qorataan qaaccessa afoolli dandeettii dubbisuufi barreessuu barsiisuu keessatti qabu qorachuuf akkaataa barsiisonni Afaan Oromoo afoola kitaaba barnootaa keessatti hammatame ittiin barsiisaniifi barattoonni ittiin baratan hojiirra oolmaa isaa daawwachuuf gabatee jiraa hin jirree (cheklist) qopheeffate fayyadamuun odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuuf daree barnoota kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa Mana Barumsa sadarkaa lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Koo yeroo sadi deddeebi'uun odeeffannoo sassaabachuuf yaalee jira.

Kuni kan raawwatame akka tasaa osoo barsiisonnii hin qophaa'in osoo hin taane, barsiisota Afaan Oromoo daree sana barsiisan wajjiin dursee waa'ee mata duree qorannoo

kootifi fedhii kootii mari'achuun guyyaa dhimma mata duree kiyya kanaaf odeeffannoo quubsaa itti argachuu danda'u dursa filachuudhaan daawwannaan kun akka gaggeeffamu irratti waliigalame. Haaluma kanaan carraa waytii barnoonni afaanii afoola gara garaatti fayyadamuun barsiifamus argateera. Bu'aam daawwannaa daree Afaan Oromoo irraa argame kunis akkaataa armaan gadiitiin qindaahee jira.

Daawwannaa kana keessatti dhimmi qorataan jalqaba daawwachuuf danda'e barsiisonni daawwataman afranuu afoola kitaaba barataa keessatti argamutti fayyadamuun barsiisuu isaaniti. Keessattuu barsiisonni kutaa kudhanaffaa waa'ee mammaaksaa yoo barsiisan kanneen kutaa kudhanaffaa waa'ee tapha ijoollee yagguu barsiisan arguu danda'eera.

Qabxiin inni biroo qorattichi itti xiyyeeffate barsiisooni Afaan Oromoo daawwataman kunniin afoolatti gargaaramuun dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu barsiisuuf barsiisuu dhabuu isaaniti. Haaluma kanaan barsiisaa tokkoon alatti barsiisonni hafan afoolatti garggaramuun dandeettii dubbarree barattootaa dagaasuuf akka carraaqan arguun danda'ameerra. Barsiisichi tokkichi garuu kaayyoo dhabeessa ta'uun faayidaa afoolli barattoota bashannansiisuuf godhu qofa irratti xiyyeeffachuun yagguu dhama'uu mul'atee jira. Gochi barsiisicha kanaammoo kaayyoo barnootichaa kitaaba barataa keessatti hammatameen kan wal hin fudhanne ta'uun adda bahee jira.

Dhimmi akka sadaffatti qorataan daawwatame waa'ee barsiisoonni afoola kitaabbilee keessa jiran irratti hundaahun afoola gara garaa kan dndeetti dubbarree barattootaa gabbisanitti gargaaramuufi gargaaramuu dhabuu isaaniti. Haaluma kanaan barsiisota daawwataman afran keessaa lama afoola kitaaba keessatti argaman yoo akka dhiyaatu godhan isaan hafan lamaan mammaksaafi faaruu gaa'eelaa kitaaba keessatti argamu qofa irratti hundaahuun barsiisan. Wanti hubatamuu qabu afoola kitaaba barataa keessaa galan kanniin qofa irratti xiyyeeffachuurra kanneen biroo kan hawaasa keessatti bal'innaan beekkamanitti gargaaramuun barsiisuun barnooticha gabbisaa deema. Fakkeenyaaf akka barattoonni afoola naannoo isaanitti beekkamu tokko afanniin yookan barreeffamaan dhiheessan gochuun dandeettiiwwan dubbarree caalmaatti dagaagsuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan barsiisota lamaan afoola kitaaba keessa jiruun alatti barattoota hirmaachisan keessaa barsisaa Afaan Oromoo mana barumsa Dodola Sadarkaa 2^{ffaa} tokko biratti hiibboo tapha ijoollee fakkaatu kan dhiyeessan yoo ta'u kutaa isaa kaanitti mammaaksota hawaasni dubartoota ittiin qeequ keessaa "*dubartiin dheertuu malee beektuu hin qabdu*" jedhu , ijoollee dhiiraa biratti ka'e ijoollee dubaraa baay'ee, ijoollee dhiiraa muraasaafi barsiisaa isaanii biratti mormii baay'ee kaasee bal'innaan barattoonni irrattii dubbatanii jiran. Kunimmoo dandeettii dubbachuu isaanii dagaagsuu keessatti gumaacha ol'aanaa qaba.

Kanarraa kan hubannu barsiisonni Afaan Oromoo afoolatti gargaaramuun yoo barsiisan afoola kitaaba barataa keessa jiru afoola Oromoo kanaan dura barattoota biratti beekamaniin walitti fiduun yoo barsiisan fedhiin barattoonni afoolatti gargaaramuun barachuuf qaban ol'aanaa ta'uu isaa ilaaluun danda'ameera.

Qabxiin inni afraffaa irratti itti xiyyeeffatame barattoonni gochaaleefi gilgaalota afoolaan walqabatan kan kitaaba keessatti argamuufi kan barsiisan kenneef fedhii guutuun shaakaluufi dhiisuu isaanii kan ilaallatu yoo ta'u, dhimma kana ilaalchisee daawwannaa taasifameen barsiisaa Afaan Oromoo tokkon alatti barsiisota gochafi shaakalatti gargaaramuun barattoonnii dandeettii dubbarree isaanii akka fooyyeeffataniif barsiisaa barsiisuu carraa hin arganne, haata'u garuu kitaabbilee Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} akkasumas itti bartuu barattoootaa yagguu sakatta'u shaakaloonnii fi gilgaalonni akkasii hammatamuu isaanii mirkaneeffachuuf danda'ameera. Haaluma kanaan qorataanis shaakalaafi gilgaalotni dandeettii dubbarree barattootaa dagaasan yagguu barsiisoonni sadan kunniin fayyadaman daawwachuu dhabuun akka waan barsiisonni kunniin yagguu hin fayyadamnetti kan ilaallamuu osoo hin taane caraan akka isa walitti hin fidin hubachuuf danda'ee jira.

Dhuma irrattis kan qorataan daawwatame, raawwii kanaan dura jiru immoo sakatta'uuf achumaan yaadannoo barattootaa ilaaluun akka gosoota afoolaa gara garaa ilaalchisee yaadannoon isaan qabatan jiraachuufi dhiisuu isaa mirkaneeffatameera. Odeeffannoo funaaname keessaa inni jalqabaa barattoonni afoolatti gargaaramuun dandeettiiwwan dubbarree keessatti kaka'umsaafi fedhii guutuun dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu

gabbifataa barataa jiraachuun isaanii bira ga'ameera. Yaadannoon isaanii kunis irraa caalmaan caasluga qabaatuyyuu, afoolas kan qabu ta'uun daawwannaa kanaan bira ga'ameera.

Walumaagalatti kitaabaa lamaanuu keessatti dandeettii dubbisuufi barreessuu gabbisuuf qabiyyeen jiru gaarii ta'us barsiisota tokko tokko bira akka kitaabichi ajajutti hojiirra oolmaan afoola kanneenii laafinna qabaachuun ni mul'ata. Kunis, rakkoo hubannoo, hanqina waytii barnootaaf ramadameefi xiyyeeffannoo kennuu dhabuu gama barattootaatiin jiru ta'uun adda bahee jira.

BOQONNAA SHAN

5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti yaadolee boqonnaawwan afur keessatti sakatta'ametu dhiyaate. Akkasumas, malleen hanqinaalee garaa garaa dhiyaannaa afoola Oromoobandeettii barreessuufi dubbisuu barsiisan kan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi10^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti mula'tu qaacceffame.

5.1. Cuunfaa

Kaayyoon ijoo qorannookanaa qaacceessa afoolaa dandeettii dubbisuufi barreessuu kitaabbilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti jedhurratti sakatta'a taasisuudha. Akkasumas, faayidaa afoolaa dandeettii dubbisuufi barreessuu barsiisuu qabu xiinxallamee jira. Odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka bargaaffii, afgaaffii, daawwannaa fi sakatta'a dookmantiitiin walitti qabamanii qindeeffamuun erga qaacceffamanii booda mala hammamtaafi akkamtaa (ibsuutiin) hiikni itti kennamee jira.

Odeeffannoo sakatta'uufis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa bara 2005 maxxanfamuun hanga ammaa hojiirra jiru qorannoof kaayyoodhaan filatameera. Qorannoo kana keessatti kitaabbilee kana cinaatti madda ragaalee kan turanis barsiisota Afaan Oromoo torba, barattoota kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa 48 daree barnootaa kudha jaha (16) kan mana barumsa sadarkaa lammaffaa Dodolaa fi Hawwii Koo keessa turaniidha. Barattoonni dareedhaa sadarkaa tokkoffaa hamma sadaffaa bahan kunniin fi barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnoota kana keessatti barsiisan iddattoof filataman mala iddaattessuu mit-caarraa kaayyeffatamaa jedhamuun kanneen fudhatamaniidha. Gama birootiin odeeffannoon sakatta'a kitaabaafi daawwannaa daree barnootaa irraa argame dhiyaachuun ibsi itti kennameera. Odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaa dareetiin argaman immoo jechaan addeeffamaniiru.

Akka waliigalaatti, itti fayyadama afoolaa dandeettii dubbisuufi barreessuu barattoota dagaagsan kanneen kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessa galan ilaalchisee ragaaleen sassaabamanii qaacceffaman kanneen armaan gadiiti:

Gochaaleen afoola gara garaa ilaalchisee kitaabbilee barataa kanniin keessatti dhiyaatan barattoonni gareefi cimdiidhaan akka waliin dubbatan akkasumas dhuunfaadhaan dandeettii barreessuu isaanii akka fooyyeffataniif carraa ni kenna. Akkasumas afoolli akaakuu gara garaa qaban kanneen kitaaba kana keessatti argaman barattoonni daree keessatti akka kaka'umsa qabaatan ni godha, kunisafoolota naannoo isaanii keessatti beekanbarreessuudhaan akkasumas, yaada waljijjiiruun, waan itti dhagahame ibsuun akka dandeettii dubbachuu isaanii dagaagfachaa deeman ni taasisa.

Irra caalaan qabiyyeen kitaaba kanaa caacculee barnoota Afaan Oromoo isaan biroo kanneen akka caasluga, hiikaa fi itti fayyadama jechootaa, fi kkf xiyyeeffannaa guddaa kan kenne fakkaatus eddoo afoolli gosa gara garaa qabu kan dandeettii dubbarree barattoota dagaagsuuf laatameef kan nama jajjabaachuu qabuudha. Kana jechuun walumaagalatti gahaadha jechuu osoo hin taane jalqabbiin isaa gaaridha, garuu qophii fi fooyya'iinsa sirna barnoota Afaan Oromoo gara fuula duraa keessatti kana caalaa afoola dandeettii dubbarree barattootaa dagaagsan eddoon kennamaafii ni deema abdii jedhu irraa yaada maddeedha.

Dabalataan ragaan afgaaffii irraa argame akka mirkaneessutti kitaabbileen barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa kun eddoon inni qabiyyee afoola dandeettii barreessuufi dubbisuu barattootaatiif kenne akkasumas qindoominni gochaalee fi shaakaloota akaakuu afoolaa gara garaa of keessatti hammachuun akka barattoonni si'aa'ina gaariin aadaa isaanii qorachaa dandeettii dubbisuufi barreessuu isaanii akka dagaagfataniif carraan inni kenne abdachiisaadha jechuun ni danda'ama.

5.2 Argannoo

Argannoo qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti taasifame irratti hundaa'uun akaakuuwwan afoolaa dandeetti dubbarree guddisan ilaalchisee qabxiiwwan ijoon adda bahan haala itti aanuun ibsamaniiru.

1. Afoolli kitaabaafi Afaan Oromoo keessatti hammatamuun dandeettii dubbisuufi barreessuu gabbisuurratti gahee olaanaa kan taphatu ta'uusaa odeeffannoo sakatta'a kitaabaa, afgaaffii barsiisotaafi barattoota odeeffannoo kennitoota irraa argame mul'isuun yaada kana ragaan bahameera.

2. Akka odeeffannoon sakatta'a kitaabaafi afgaaffii barsiisotarraa argame mul'isutti, xiyyeeffannoon afoolaa kitaabilee Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa dandeettii dubbisuufi barreessuu kennan kan hanga qabiyyee dubbisa kitaaba keessaaf kenname kan gahuu miti. Kunimmoo barattoonnii dandeettii dubbarree kana caalaatti akka shaakalaniif barbaachisummaa dubbisa kitaabaa keessaa caalaa gochaaleen gara garaa qaban nutti mul'isa

3. Gilgaaloonni qabiyyeewwan afoola dandeettii dubbarree dagaagsuu irratti hundaa'anii kitaabilee kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti dhiyaatan wantoota barattootaaf hubannoo kennuun deeggaramanii dhiyaachuu dhabuu.

4. Gosoonni afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa keessatti barnoota afaaniitiif dhiyaate kun hundi isaa bifa walqixaatiin ogummaa dubbisuufi barreessuu gabbisa jechuun hin danda'amu. Afoolli tokko dandeettii tokko irratti yoo xiyyeeffatu, kan biroo immoo akkasuma dandeettii isa biroo irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaateedha. Karaa biraan immoo gosni afoolaa tokko tokko immoo dandeettii afaanii kanneen akka dubbisuufi barreessuu irratti qophaa'uun kan dhiyaates akka jiru ni mul'ata.

5. Haaluma odeeffannoon afgaaffii barsiisotaafi barattootarraa argame mul'isutti afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa mala

dhiheenyaa dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu bu'uureffateen kan dhiyaate yoo ta'eyyuu, haata'u garuu bifa barbaadameen hojiirra oolchuun rakkisaa akka ta'e hubatameera. Kanaaf immoo barattoonni waytii Afaan Oromoo tiin alas kan akka gumiilee Miinimiidiyaafi Gumii Guddinaafi Dagaagina Afaan Oromoo keessatti afoola fayyadamuun isaanii baay'ee filatamaadha.

Walumaagalatti, qorannicha gara xumuuraatti geessuun cuunfaa argannoo hanqinaalee dhiyaannaa afoola Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti mul'atan irratti hundaa'uun yaadni furmaataa akkaataa armaan gadiitiin kennameera.

5.3. Yaboo

Kutaa qorannoo kana kessatti yaadolee argannoo cuunfaa keessatti ibsaman irratti hundaa'uun yaadni furmaataa dhiyaannaa afoola Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi10^{ffaa} keessatti dhiyaatan ibsmaniiru. Yaadoleen furmaata kennaman kunneen dhiyaannaa afooloota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti argaman caalmaatti bu'aa barbaaddame buusuu akka danda'aniin bifa itti dhiyaachuu qabaniin akka dhiyaatan kan eeraniidha. Kana malees, akkaataa dhiyaannaa fi faca'iinsa sirriitti walmadaaluun afoolootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanaaf tooftaaleen fooyya'iinsa dhiyaannaa qabiyyee afoolaa kun maal ta'uu akka qaban wantoonni furmaata ni ta'u jedhamanii yaadaman haala itti aanuun kaa'amanii jiru.

1. Galma ga'iinsa adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootaa tokko haala barbaadameen hojiirra oolchuuf dhiyaannaan kitaabilee barnootaa gahee ol'aanaa qabu. Haaluma kanaan Afoolli Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan maalummaa isaaniirraa kaasanii haala salphaatti hubatamuu danda'aniin qophaa'anii dhiyaachu qabu. Fakkeenyaaf afoolli tokko dubbisa keessatti yoo dhiyaatu, gaafileen dubbisa duraa, ennaa dubbisaa fi dubbisa boodaa hammachisuun bu'a qabeessummaa afoolichaa sanii ni dabala. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo maalummaa afooloota Afaan Oromoo bifa salphaatiin hubatamuu danda'uun, caalmaatti qabsiisafi

fakkenyaan deeggaaranii osoo dhiyeessaniiruu ta'ee ofiin barachuu barattootaa keessatti faayidaa ol'aanaa qaba.

2. Dhiyaannaan gosoota afoolaa gara garaa fi facaatiin isaanii kitaaba Afaan Oromoo keessatti qaban akkaataa dandeettii dubbisuufi barreessuu akka goonfatamuuf barbaadame sana bifa jiddu galeeffateen osoo ta'ee caalmaatti filatamaa ta'a.
3. Barattoonni afoola fayyadamanii dandeettii barreessuufi dubbisuu akka gonfataniif barsiisonni shaakala adda addaa,hojdaree, hojmaneefi abbaltii kennuufiin jajjabeessuu
4. Barattoonnis afoola waytii barnoota Afaan Oromoo qofa itti gargaaramuu osoo hin taane jiruufi jireenya guyyuu isaaniifi mana barumsa keessatti gumiilee adda addaa keessatti dhiimma itti bahuun bu'aa irraa argamu dhandhamachuu
5. Barsiisonni Afaan Oromoo afoola kitaabilee barnoota Afaan Oromoorratti dhiyaataniif xiyyeeffannoo kennuun afoolaawwan shaakala dubbisa duraafi gilgaalota adda addaa keessatti dhiyaate barattoonni gad fageenyaan shaakaluun akkasuma immoo gareen mari'achuun dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu akka gabbifatan taasisuuf hojii kitaabni barataa ta'ee,qajeelchi barsiisaa ajaju osoo akkuma dhiyaatetti dalagsiisanii
6. Qopheessitoonni kitaabaafi sirna barnootaa barnoota Afaan Oromoo dandeettiiwwan dubbarree barsiisuu tiif afoolli gahee guddaa qabaachuusaa hubachuun afoolaaf xiyyeeffannoo barbaachisu kennuun yemmuu kitaabni qophaa'u ogeeyyiin fookloorii qooda keessatti fudhachuun afoolli kitaaba keessatti sirritti akka dhiyaatuuf irratti hojjachuu
7. Qorattoonni biroolleen gumaachi afoolli dandeetti dubbarree dagaagsu ilaalchisee gadi fageenyaan yoo qoratan, bu'aan gama hedduun argamuu gaariidha jedhee amana.

WABIILEE

Abarraa Nafaa (1998). Afoola Oromoo Tuulamaa. Finfinnee, Biroo Aadaa fi Turiziimii Oromiyaa, Finfinnee.

Abdurrahmaan Abdulqaadir Gishuu (2016). Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fooklooriif Dhiyaate, Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi Quunnamtii, Yuunivarsitii Addis Ababaa (Finfinnee), Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa (2011) Akkamtaa yaadrimee qorannoo hujoo, Finfinnee, Oromiyaa

Anderson R. C., Wilson, P. T., & Fielding, L.G. (1988).Growth in reading and how childrenspend their time outside of school.Reading Research Quarterly, 23, 185-303.

Andrzejewski, B.W.S.Plaszewicz,W.Tyloch.(1985).Literature in African Languages. Theoretical Issues and Surveys. Cambridge University press.

Asafa T. (2014). Walaloota (anthology of Oromo poetry).Subi printing press Finfinnee.

Asarat Tasfaayee (2008). Qaaccessa Adeemsaafi Faayidaa Hiibboon Oromoo Ijoolleef Qabu: Haala Qabatama Aanaa Ada'aa, Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Og-Barruufi Fooklooriitiif Kan Dhiyaate, Yunivarsiitii Addis Ababaa/ Finfinnee Kolleejii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og-Barruufi Fookloorii, Finfinnee (kan hin maxxannee).

Badilu Wakjira.(1996)፣ በስነ ጽሀፍቋንቋንማስተማር፤ አዲስአበባ፣ ንግድማሞዊድርጅት። Brown, H.D.(1994). Teaching by principles.An interactive approach to language pedagogy. Englewood Cliffs,NJ: Prentice Hall Regents.

Byrane (1988). Teaching Writing Skills Produced By long. Man Group (FE) Ltd Hongkong.

Dastaa Dassaalany (2002) Bu'ura Qorannoo. Yunivarsitii Finfinnee, Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dirribii Damissee (1998). Wirtuu jildii7ffaa: Biiroo Aaadaafi Beeksisa Oromiyaa, Finfinnee, Oromiyaa.

Fekade Azeze (1999). Introduction to Oral Literature.Published by Institute of International Cooperation of the German Adult Education Association. Addis Ababa.

Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Dar Es Salaam: Oxford University Press.

Fiqaadee Azaza (1991) Yesina qaal memeriya: Addis Ababa Boolee Printing inter price.

Gumii Qormaata Afaan Oromoo (1993) Wirtuu jildii 6ffaa: Finfinnee, Oromiyaa.

Honig, B., Diamond, L., & Gutlohn, L. (2006).Teaching reading sourcebook.Novato, CA: Arena Press.

Howatt, A. & Dakin, J. (1974).Language laboratory materials.ed. J. P. B. Allen, S. P. B. Allen, and S. P. Corder.Ltd.

Ibson, E. (1995). The Double Role of Fiction in Foreign Language Teaching toward a creative.

Indaaluu Fufaa (2015) Waan Garaafi Waan Karaa: Xiinxala Gahee Afoolli Barumsa Afaan Oromoo Keessatti Qabuu, Yuunivarsiitii Arsii, Kolleejjii Barumsaafi Qorannoo Toora Yaadqalbii, Muummee Sirna Barnootaafi Gabbina Ogummaa Barsiisummaa

Kassahun Enkosa Yadeta (2016). Xinxala Qabiyyee Afoolaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1-4, Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia.

Lazar, G. (1983). A Literature and Language Teaching: A guide for Teachers and Trainers. Cambrigde: Cambrigde University press.

Lue.(1996). Discussion That Work: Task centered Fluency Practice.Cambrigde

Malaknee Mangistuu (1999) Fundamental of literature for college, Addis Ababa Commercial printing Press.

Masarat Tasfaayee (2016). Qaaccessa Adeemsaafi faayidaa Hiibboon Oromoo Ijoolleef Qabu.etd.aau.edu.et.Yunivarsiitii Addis Ababaa/ Finfinnee Kolleejii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og-Barruufi Fookloorii, Finfinnee

Mayring, ph.(2000). Qualitative analysis (28 paragraphs).forum qualitative social frosting/ forum: qualitative social research.

Misgaanuu Gulummaa (2011) Dilbii Bu'ura Afoola Og-afaanii fi afwalaloo Oromoo.

Mitikkuu Dhibbeessaa. (1991). Afoola Oromoorratti Qabxiilee Tokko Tokko Wiirtuu Jiildii (4). Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo; Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Mohr, K.A. (2004). English as accelerated language: A call to action for reading teachers.The reading teacher, 58(1), 18-26.

Moyer, P.S. (2000).Communicating mathematically: Children's literature as a naturalconnection. The Reading Teacher, 54, 246-256.

READ TA (2014). Developing Reading Skills in Mother Tongue Course Code: MT 221

Schaefer T.(1998). Sociology 8th Edition.Newyork Mc grow-Hill Campany.

Silberstein,S.(1994). Techniques and Resourses in Teaching Reading.Oxford: Oxford University prees.

Soofiyaa Sirajiifi Kanneen biroo (1999) Wirtuu Jildii 8ffaa: Qajeelcha qormaata Afaan Oromoo.

Summer, Claude (1999). A.n Anthology of Oromo Literature.Published by Gudina Tumsa Foundation: Addis Ababa.

Sumner, C. (1995). *Oromo Wisdom Literature*.Proverbs collection and analysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Teferi Nigussie. (2006) Dev't of Oromo Literature Up To 1991.M.A. Thesis SSG, A.A.U

Wasanee Bashaa (1994). Qorii Qorsaa. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Biraannaa.

Williams, E (1984). Reading In the Language Classroom. Macmillan Publishers Ltd

Willis, J. (1981). Teaching English through English. London: Longman

Xaahaa Muhaammad fi Hurrumee Daggafaa (2016), Moojuula Koorsii Seeneffamoota Oromoo, Yunivarsiitii Dillaa, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa, Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Diillaa.

Zarihuun Asaffaa (1996), Yesina tsuhuf Masaratawiyan.Addis Ababa University press.

DABALEEWWAN

Dabalee "A"

Yunvarsitii Madda Walaabuu

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaa

Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Bargaaffii barsiistota Afaan Oromoo fi Barattootaan Guuttamu

Kaayyoon bargaaffii kanaa qabiyyee afoola Oromoo kitaaba barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} ilaalchisee odeeffannoo funaanuudha.

Kanaaf, gaffilee dhiyaataniif deebiin qulqullinaa fi amanamummadhaan kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaatiif gumaachaa guddaa qaba. Kanaafuu shakkii, ofqusannaa tokko malee akka deebistan abdiin isinirraa eegamu guddaa ta'uu isaa ibsaa, deeggarsa gootan hundaaf galatomaa!

Qabxii mirkaneeffannaa kana keessatti ittiin dhimma bahame qabxiilee jaha kanneen haala argama afoola kitaabbilee Afaan Oromoo waliin walqabatan mul'isan;

- Lakk 5. Daran ol'aanaa
- Lakk 4. Ol'aanaa
- Lakk 3. Giddu galeessa
- Lakk 2. Gadaanaa
- Lakk 1. Daran Gadi aanaa
- 0 –Goonkumaa hin jiru

kan ibsaman yoo ta'an,haala argama isaanii ilaalchisee jala isaanitti mallattoo (✔) kaa'i

Qajeelfama: Afoolli Oromoo kitaabilee barataa kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} boqonnaalee garagara keessatti argaman haala akkamiin akka dhiyaatan walitti cuunfuun qabxiilee gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun deebii sirriidha jettan kennaa. Qabxiileen gabatee mirkaneeffannaa keessatti dhiyaatan mul'istoota lakkoofsa 0-5tti ibsaman of keessaa qabu.

T.L	Qabiyyeewwan	Mul'istuu					
		5	4	3	2	1	0
1	**Dhiyaannaa afoolaa Kitaaba Barataa Keessatti**						
1.1	Afooli dandeettii afaanii ogummaalee (skills) dubbisuufi barreessuu of keessaa qabu qabiyyee kitaabichaa kam keessa jira:						
	A. Dubbisa keessatti						
	B. Gilgaalota keessatti						
	C. Shaakala ogummaalee gara garaa keessatti						
1.2	Afoolli barattoonni dandeettii barreessuufi dubbisuu akka itti shaakalan kan godhuudha						
1.3	Afoolli kitaaba keessatti hammataman kunniin muxxannoo barattoonni kanaan dura qaban kan gabbisuudha						
1.4	Afoolli kunniin barattoonni dubbisuufi barreessuu akka waliin baratan kan jajjabeessuudha						
2	**Gosoota Afoolaa**						
2.1	Akaakuu afoola Oromoo isaan kam akka ta'an adda bahani ibsamaniiruu?						
2.2	Afoolli Kitaabbilee Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan kun tooftaa kamiin akka barsiifaman addaan bahanii ibsamaniiruu						
2.3	Gosoota afoola Oromoo maal irratti hundaa'anii qooddaman kitaabicha keessatti ibsamaniruu?						
3	**Faayidaa Afoola kitaaba barataa keessatti dhiyaatan**						
3.1	Fedhii barattootaa kakaasuuf						
3.2	Dubbisuu Barsiisuu						
3.3	Barressuu Barsiisuuf						
3.4	Bashannansiisuu						
3.5	Aarii ittiin bahuuf						
3.6	Faayidaa biro						

DABALEE "B"

Yunvarsitii Madda Walaabuu

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaa

Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Qaaccessa Qabiyyee Kitaaba

I) Gabatee Jiraa hin jirree (checklist) Faca'iinsa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi kudhanaffaa Keessatti Argamanii Mul'isu

Lakk.	**Gosoota Afoolaa**	**Kutaa**	**Mata duree afoolli kun jalatti Argamu**	**Fuula**	Yaada
1	Sirba gaa'elaa				
2	Tapha Ijoollee				
3	Eebba				
4	Mammaaksa				
5	Jechama				
6	Geerarsa				
7	Weedduu Jaalalaa				
9	Sirba Jaalalaa				
10	Hiibboo				
11	Oduu Durii (Sheekkoo)				
12	Malleen Dubbii				

II) Cheekliistii Afoolli Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi kudhanaffaa Keessatti Dandeettii Barreessuufi Dubbisuu Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu

T.L	Afoola	Dandeettii dubbisuufi barreessuu	
		Barreessuu Barsiisuu	Dubbisuu barsiisuu
1	Sirba Gaa'elaa		
2	Tapha Ijoollee		
3	Eebba		
4	Mammaaksa		
5	Jechama		
6	Geerarsa		
7	Weedduu Jaalalaa		
8	Uruursuu Daa'immanii		
9	Sirba jaalalaa		
10	Hiibboo		
11	Oduu Durii (Sheekkoo)		
12	Malleen Dubbii		

III)Iyyaafannaa Afoola Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa fi Kudhanaffaa dandeettii dubbisuu fi barreessuu irratti Xiyyeeffatu

T.L	Gosoota Afoolaa	Xiyyeefannoo dandeettii Afaanii gilgaalotaa afoola dhiyaate keessaa bahanii	
		Barreessuu	Dubbisuu
1	Sirba Gaa'ela		
2	Mammaaksa		
3	Jechama		
4	Weedduu Jaalalaa		
5	Uruursuu		
6	Hiibboo		
7	Oduu Durii		
8	Malleen Dubbii		

DABALEE "C"

Yunvarsitii Madda Walaabuu

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaa

Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

AFGAAFFII BARSIISOTA AFAAN OROMOOTIIF DHIYAATE

1. Afoolli barumsa afaanii keessatti faayidaa qaba jettanii yaadduu? Yoo ni qaba jettan faayidaa isaa ibsaa.
2. Afoola gargaaramtanii barnoota Afaan Oromoo barsiisuu irratti xiyyeeffannoon qabdan maal fakkata?
3. Afoolli Oromoo kitaabbilee barataa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} keessatti hammachiifamuu?
4. Deebiin ati gaaffii 3^{ffaa} tiif kennite "eeyyee" yoo ta'e afoolli Oromoo dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu barsiisuuf tajaajilan haala kitaaba keessa seensifameen hojiirra oolaa jiruu?
5. .Afoolli dandeettii dubbarree (dubbachuu, fi barreessuu) akka gabbifattan ni taasisaa?
6. Deebiin kee kan gaaffii 5^{ffaa} tiif kennite "eeyyee" yoo ta'e, afoolatti gargaaramuun dandeettiin barreessuufi dubbisuu akkamitti akka barsiifamaa jiru ibsi.
7. Gahee barsisaan afoola dandeettii afaanii barreessuu fi dubbisuu barsiisuu keessatti qabu maal fakkaata?
8. Haala kitaabni Afaan Oromoo kutaa saglaffaa fi kudhanaffaa qajeelchutti barattoonni afoola duraan beekan akka fidanii dhufuun gareen shaakalaniif haalli isin itti jajjabeessuun barsiiftan maal fakkaata?
9. Afoolatti gargaaramuun dandeettii dubbisuu fi barreessuu barattoota fooyyessuuf rakkooleen jiran maal fa'a ta'u jettanii yaaddu?

DABALEE "D"

Yunvarsitii Madda Walaabuu
Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaa
Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

AFGAAFFII BARATTOOTAAF DHIYAATE

Gaafilee afaanii tooftaa Afoolli Oromoo Dandeettiiwwan Dubbisuu Fi Barreessuu Dagaagsuuf qabu ilaalchisee barattoota kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} tiif dhiyaatan

1. Afoola Oromoo kan dandeettii dubbisuu fi barreessuu keessan dagaasan kitaaba keessan keessa galanii jiruu?
2. Deebiin ati gaafii 1ffaatii kennite "eeyyee" yoo ta'e gosoota afoolaa jiran keessaa isaan kamtu xiyyeeffannaa ol'aanaa argate?
3. Dabatara yaadannoo Afaan Oromoo kee irratti waa'ee afoolaa qabsiissa barreeffattee beektaa?
4. Fedhiin ati afoolatti gara garatti fayyadamanii barachuuf qabdu hammami?
5. Afoola kitaaba Afaan Oromoo keessan keessatti argaman kunniin haala kamiin barsiifamu?
6. Gaafileen kitaabichi keessa jiran kan dubbisa afoolaan walqabatan keessaa bahan kan dubiisa duraa fi boodaa adda addaa hubannoo barattootaa gama dandeettii dubbisuuf barreessuutiin qaban sakatta'uuf hangam fayyadan?
7. Itti fayyadama afoollii dandeettii dubbisuufi barreessuu dagaagsan kitaaba barattootaa keessatti hammachiisuun rakkooleen walqabatan yoo jiraatan ibsi

Galatoomaa!

Dabalee “E”

Yunvarsitii Madda Walaabuu

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaa

Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Cheekliistii Daawwannaa Daree

Maqaa mana barumsaa_____ Maqaa Barsiisaa Daawwatamee _____ Kutaa barsiisu_____ Guyyaa daawwannaa ____ Sagantaa daawwatame _____

Lak.	Qabxiilee Daawwannaa	Eeyyee	Lakki	Yaada kennuuf nama dhiba
1.	Barsiisonni afoola kitaabbilee barataa keessatti argamutti fayyadamuun barsiisu			
2	Barsiisooni Afoolatti fayyadaman dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu barsiisuuf ni qarqaaramu			
3	Barsiisooni afoola kitaabbilee keessa jiran irratti hundaahun afoola gara garaa kan kanaan dura barattoota biratti beekamanii fi dandeettii dubbarree barattootaa gabbisanitti ni gargaaramuu?			
4	Barattoonni gochaaleefi gilgaalota afoolaan walqabatan kan kitaaba keessatti argamuufi kan barsiisan kenneef fedhii guutuun shaakaluu?			
5	Yaadannoon barattootaa barattoonni afoolatti gargaaramuun dandeettii dubbisuufi barreessuu isaanii akka gabbifataa jiran kan mirkaneessuudha			